**YUUNIVARSIITII JIMMAA**

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU**

# XIINXALA UNKAA FI HIIKA WALALOO SIRBA ARRABSOO CIDHAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA

**ABBOOMAA BAYYANAA GALATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU QOPHAA'E**

**FULBAANA 2014/2021**
**JIMMAA,ITOOPHIYAA**

# XIINXALA UNKAA FI HIIKA WALALOO SIRBA ARRABSOO CIDHAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU QOPHAA'E**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA**
**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU**

**QORATAAN:ABBOOMAA BAYYANAA GALATAA**

**GORSAAN: EEBBAA TARREESSAA (PHD)**

**GORSITUU ANTEE: IRISTEE AKKAWAAQ (MA)**

**FULBAANA 2014/2021**
**JIMMAA,ITOOPHIYAA**

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaatiin ta'uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadheera,wabilee keessattis nan mirkaneessa.

Maqaa_________________________________

Mallttoo________________________________

Guyyaa _______________________________

## YUUNIVARSIITII JIMMAA

## Kolleejjii saayinsii Hawaasaa fi Namoomaatti

## Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun gamisaan guuttachuuf mata duree:"Xiinxala Hiikaa fi Unka Sirba Aarrabsoo Cidhaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa " Abboomaa Bayyanaa Galataan qophaa'ee sadarkaa madaallii yuunvarsiitiin kaa'e guuteera.

### Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ___________________________Mallattoo_______________Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa__________________________Mallattoo_______________Guyyaa___________

Gorsaa ________________________________Mallattoo _______________Guyyaa___________

_________________________________________________________________

**Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffa(MA)**

## GALATA

Qorannoo kana akkan xumuruu kan nagargaaree hunda dursa waaqayyoon galanni haaga'u jechaa, gorsaa koo kan ta'an Dr.Eebbaa Tarreessaa jabinaa fi hanqina jiru yeroo isaanii aarsaa gochuun sakatta'anii baasuun na qajeelchanii sadarkaa kanaan kan naga'aniif galanni koo baay’ee guddaa dha. Akkasumas gorsituu itti aantuu koo kan ta’an Iristee Akkawaaq guddaan galateeffadha. Bu'aabahii adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessattis ragaa keennuun kan nadeeggaran hawaasa fi hojjettoota mootummaa Aanaa Jimmaa Gannatii, Jimmaa Raaree fi Horroo heedduun isaan galateeffadha.Akkasumas qabeenya ,humnaa fi yeroo isaanii aarsaa gochuun qorannoon kun akka galma ga'u gochuuf kan na tumsan aadde Tigisti Faqqadaa, Taammiruu Addunyaa ,Biraanuu Asfawu,Mircaayee Asras fi hiriyyoota koo kan anii otuu maqaa hin dhahiin darbe hundaa qalamni keessan haa mirgisun jedha.

**BAAFATA**


QABIYYEE FUULA

GALATA....i

BAAFATA.... ii

BAAFATA GABATEEWWANII....iv

JIBSOO JECHOOTAA.... v

GABAAJEEWWAN.... vi

AXEREERAA....vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA.... 1

1.1.Seenduubee Qorannichaa.... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa....3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa....4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa....4

1.5. Daangaa Qorannichaa.... 5

1.6. Hanqina Qorannichaa....5

1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa.... 5

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKAATANII....7

2.1. Seensa....7

2.2. Yaadxina Qorannoo.... 7

2.3.Maalummaa Sirbaa.... 8

2.4. Maalummaa Fuudhaaf Heerumaa,Gaa'elaafi Sirba Cidhaa....8

2.5. Maalummaa Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa....9

2.6. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Sirbaa.... 10

2.7. Unka fi Hiika Walaloo Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa.... 11

2.8.Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo.... 11

2.8.1.Unka Caasaa Afaanii....12

2.8.2. Xiinxala Hiikaa (Semantics).... 15

2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkaatanii.... 17

BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO....19

3.1. Saxaxa Qorannichaa....19
3.2. Irraawwatama Qorannichaa....19
3.3. Iddattoo fi Mala Iddattoo Filachuu....19
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo....19
3.4.1. Afgaaffii....20
3.4.2.Ragaa Sakatta'uu....20
3.5. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu....21
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE....22
4.1. Seensa....22
4.2. Unka Walaloo Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa....22
4.1.1. Unka Dhamsagaa....22
4.1.2. Unka Jecha Walaloo Sirba Arrabsoo....25
4.1.3.Unka Gaalee Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa....35
4.1.4.Unka Ciroo Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa....40
4.2. Hiika Walaloo Sirba Arrabsoo....43
4.2.1.Hiika Faallaa Walaloo Sirba Arrabsoo....43
4.2.2. Hiika hammattuu/miseensaa/....45
4.2.3. Hiika Masoo Walii Ykn Walfakkii....47
4.2.4. Hiika Dursaa....48
4.2.5.Hiika Hima Yeroo Hunda Dhugaa....50
4.2.6.Hiika Jechoota Walfakkaatanii Hiikaan Addaa,....51
4.2.7. Jechoota Hiika Lama fi isaa Olii Qaban (Hiik heddee)....52
4.2.8. Hiika Kutaa Qaamaa (xiggoo)....54
4.2.9. Hiika keeyyata Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa....55
BOQONNAA SHAN : CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO....58
5.1. Cuunfaa....58
5.2. Argannoo Qorannichaa....58
5.3. Yaboo....60
Wabiilee....61
Dabalee....64

## BAAFATA GABATEEWWANII

Gabatee 1. Jechoora unka tokkoo fi ol qaban ___________________________________27

Gabatee  2. Unka ciroo sirba arrabsoo_________________________________________41

Gabatee  3. Unka hima sirba arrabsoo_________________________________________42

Gabatee 4. Jechoota hiika lama qaban_________________________________________ 54

Gabatee 5. Jechoota hiika lamaa olqaban______________________________________  55

## JIBSOO JECHOOTAA

Qorannoo kan keessatti jechoota nama qorannoo kan dubbisuuf ifa ta'uu barbaadan hiika isaan qorannoo kan keessatti qabaniin ibsameera.

Afwalaloo - walaloo afaaniin dhiyaatu

Arrabsoo - yaadaa qeequu

Baramaa - kan beekamaa ta'e

Caasaa afaanii – caasluga

Caattoo - birkii

Hammattuu - waan of keessaa qabuun ibsuu

Mancaatuu- bittinnooftuu

Oduu himaa- namoota odeeffannoo kennan

Saxaxa- mala qorannoon ittiin hoogganamu

Sirba - walaloo bifa yeedaloo qabuun dhiyaatu

Xiinhiika- xiinxala hiikaa

Yaasaa - latiilee uumaman

## GABAAJEEWWAN

Maqaalee ykn jechoota gabaabsamuun dhiyaatan ifa taasisuuf kan qindaa'edha.

GM –Gaalee Maqaa

Gdd- Gaalee Durduubee

GG- Gaalee Gochimaa

GIM- Gaalee Ibsa Maqaa

Goch. Gochima

## Mallattoolee

[ ] Sadarkaa jechaa fi gaaleetti kan jiran

{ } Latiilee agarsiisuuf

/ / Dhamsaga agarsiisuuf

## AXEREERAA

*Kaayyoon qorannichaa unkaa fi hiika sirba arrabsoo cidhaa kallattii caasaa afaaniin xiinxaluudha. Unka caasaalee afaanii dhamsaga,jecha,gaalee fi ciroo sirba kana keessatti hojiirra oolan adda baasuun ibsuu. Hiika ilaalchisee immoo hiika jechootaa isaaniin hiika faallaa, hammattuu ,dursaa, yeroo hunda dhugaa, tajaajilaa faa hanga hiika keeyyataatti jiru ibsuu. Mala qorannoo ibsaa akkamtaa gargaaramuun Godina Horroo Guduruu Wallagga aanaalee 12 keessaa mala akkayyoon aanaalee 4 filataman(Jimmaa Raaree,Jimmaa Gannat, Horro, Guduruu) keessaatti meeshaalee odeeffannoo afgaaffiifiragaalee sakatta'uun ragaa argame walitti qabuun qindaa'e xiinxalameera.Meeshaalee kanneen gargaaramuun odeeffannoo ogeessota irraa dhimma xiinqooqaa irratti akkasumas immoo hawaasafdhimma walaloo sirbaa irratti gaaffilee dhiyeessee xiinxaluun argannoon ijoo ibseera. Argannoon kunis unkaa seera afaanii kan sagalee,kan jechaa (latiilee of danda'oo fi hirkatoo) unka uumamtee yaasaa,suphuu fi tishoon kan mul'atan akkasumas unka ciroo hirkataa fi ofdanda'aa ykn himoota gaggabaaboo achi keessatti mul'atan seera afaanichaa eegani kan dhiyaatan ta'uun adda baheera. Sirbi arrabsoo hiika caasaa afaanii hiika faallaa,hammattuu,yaada yeroo hunda dhugaa,hiika dursaa,tajaajilaa,hiika heddee faa walaloo sirba kana keessatti tajaajila guddaa kan kennaan ta'uu xiinxalameera.Hayyoonni xiinqooqaa walaloo sirbaa kana gadi fageenyaan qorachuun gumaacha isaanii bahuu qabu.*

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1.Seenduubee Qorannichaa

Uummanni addunyaa kanaa kamuu ilaalcha ardiilee addunyaa keessa jiran kanaaf qabu barreeffamaan osoo hin ta'in, afaaniin dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti dabarsuuf afoola gargaaramuun aadaa isaanii ibsataa turaniiru. Kanaafuu, akka hayyoota xiin-aadaatti afoolli calaqqee aadaati (Dundes 1965,f.32). Ittidabalees,hawaasni kundur yeroo barreeffamaan gargaaramuu hin jalqabiin haalaa jiruufi jireenya isaa kana ogafaaniin ibsataa ture. Ogafaanimmoo akaakuu adda addaa ofkeessaa qaba.Isaanis: seeneffamafi afwalaloo jedhamuun qoodamu. Ogafaan ykn afoola ilaalchisee,Zarihuun(2000,f.20) yeroo ibsu,afoolli afaaniin kan dhiyaatu aadaa,safuu,seenaa,duudhaa fi barsiifata hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu akka ta'etti dhiyeessa. Haaluma walfakkaatuun Faqqadaan(1991,f.11)afoolli afaaniin kan darbu ta'ee, wantoota akka mammaaksaa,afseenaa,raagoo, afwalaloo, hiibboo, durdurii kan hammatu ta'uu ibseera. Dabalataanis afoolli seenaa, hibboo,faaruu, geerarsa,weedduu, kanneen kana fakkaatan ibsuun taateewwanii fi ta'iiwwan uummataa calaqqisiisu. Akka Finnegan (1976, f .24) afoolaa ibsitutti "Oral literature is by definition dependent on aperformer who formulates it in words on aspecific occasion. There is no other way in which it can be relised as literary product"jetti.Yaadni kunis afoolli ogummaa afaanii irratti hundaa'uun kan raawwatamuu fi daddarbuu ta'uu isaa kan ibsudha.

Gosoota ogafaanii keessaa afwalaloon duudhaa, falaasama, ilaalchaafi fedhii hawaasni tokko waan miira isaatti dhaga'ame ittiin baafatudha.Akkasumas kabajaa fi jaalala , jibbaa fi qeeqa isaa kan ittiin agarsiisudha. Afwalaloowwanisakaakuu adda addaa qaba. Yaada kan cimsuun Fedhasaa (2013,f.49) afwalaloo torbatti qooda: "Geerarsa, Weedduu, sirba , faaruu, eebba, gumgummii fi tabaallii" jedha. Gama biraan Tafariin (2005,f. 182) immoo bakka saddeetitti: "afwalaloo jaalalaa , afwalaloo geerarsaa, afwalaloo hojii, afwalaloo amantaa, afwalaloo jilaa, afwalaloo fottoo, afwalaloo mirrisaa fi afwalaloo nama du'ee" jedhee qooda.Gosoota afwalaloo kana keessaa sirbi isa tokko dha. Sirbi yeroo adda addaattii sababa adda addaaf sirbama. Kunis sirba yeroo cidhaa, sirba jaalala fi sirba geelloo jechuun ni danda'ama.

Godina Horroo Guduruu keessattis sirboonni aadaa kan akka hiyyaasee,sirba jaalalaa,sirba fuudhaaf heerumaa, sirba masqalaa,jigii ykn daboo,ajjeesaa(gootaa),taaboree,hemmoolee, ashkummee fi sirba gadaa ta'u. Hiyaaseen sirba aadaa ta'ee kan dargaggeessi bifa ragada qabuun walittii naanna'uun gatiittii walqabatanii geengoo uumuun sirbanidha.Sirbi kun yeroo ayyanaa fi guyyaa gammachuun jiru sirbama. Sirbi masqalaa yeroo birraan bari'u baga booqa birraa geessan jechuun gaafa guyyaa ayyaana sanaa galgala dargaggoonni manaa manatti deemuun sirban gammachuu ibsatu qarshiin hawaasni kennuuf illee nijira. Adeemsa qarshii kana fudhachuu keessatti garuu waan jedhanii faarsan qabu,yoo qarshii dhabanis immoo waan jedhanii arrabsan qabu.Sirbiaadaa godinicha keessatti sirbaman keessaa inni biraan hemmoolee fi ashkummeedha. Kunis akkuma isaan olitti ibsamanii harka bobaa jala baasuun walqabatanii naanna'uun dhiirrii fi durbi kan sochii ragadaa guddaan sirbanidha.

Haaluma kanaan sirbi guyyaa gaa'elaa immoo sirboota armaan oliis ofkeessatti hammachuu danda'a. Garuu sirbi cidhaa hundi isaa iyyuu tartiiba mataa isaa qaba;yeroo hamaamonni dhufu kan sirbamu,yeroo kellaa seenan kan sirbamuu fi yeroo dhirsi fudhatee deemuuf ka'u. Guyyaa cidhaa kanatti irra jireessaan olaantummaan sirba arrabsoo dura bu'uun,balbala dhowwachuun gahee guddaa kan taphatan durbootadha. Kanaafuu, sirba dubartoonni sirban kun immoo sirba arrabsoo jedhama( *Maddi:Waaj.Addaafi Turizimii Godina Horroo Guduruu).*

Akka aadaa Oromootti immoo gaa'elli gosa adda addaa qaba. Isaanis: kaadhimmachuu, aseennaa,butii,sabbat marii, walgaraa fi dhaala kanneen jedhaman isaan gurguddoodha (Biraanu, 2003, f. 53). Gosoota fuudhaa fi heerumaa kanneen keessaan kaadhimmatanii fuudhuu kan jedhu keessatti sirboota sirbaman qorannichi xiyyeeffatera. Sirna gaa'elaa kana keessatti sirboota sirbaman keessaa tokko kan ta'e sirba arrabsooti. Haaluma kanaan sabni Oromoo baroota hedduuf kan ittiin jiraataa turee fi beekamuu safuu fi aadaa sabichaa kan bu'uureffate aadaa fuudhaa fi heerumaa keessatti gosa sirba aadaa kana fayyadamaa tureera. Kun immoo Mallattoo eenyummaa kan jedhaman:qooqa, aadaa, duudhaa, seenaa, naannoo jireenyaa, bifa, qaama, sansakaa, ilaalcha uummataafaa kan hammatedha. Kanaafuu, sirboota yeroo cidhaa jedhaman keessaa sirba arrabsoo kana xiinxaluun hiikafi unka inni qabu addaan baasee qoratichi ibsee jira.

Hiika weedduu Oromoo ilaalchisuun Misgaanuu(2011), Tasammaa (2004,f.13) wabeeffachuun akka ibsutti,"…the Oromo vocabularies and terms used in the songs are not ordinary. They are so deep and are often loaded with several meanings and not easy to translate" jedha. Kana jechuun sirboonni hawaasa Oromoo keessatti sirbaman ergaa gadi fagoo ta'e qabaachuu isaanii ibsa.Kana irraatti hundaa'uun sirbi arrabsoo yeroo cidhaa jedhamu hiikaafi unka garaagaraa waan qabuuf beekumsa afaanii guddisuu fi aadaa hawwaasaa dabarsuuf hinkoo guddaa qaba. Kanaafuu qorataanis, 'xiinxala unkaa fi hiika sirba arrabsoo cidhaa: Godin Horroo Guduruu Wallaggaa qorachuun xiyyeeffannoo xiinqooqaa akka argatu gochuuf qorannoo isaa gaggeessee jira.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorataan aadaa Oromoo keessaa tokko kan ta'e, sirna fuudhaafi heerumaakeessatti sirba cidhaa sirbamu keessaa sirba arrabsoo cidha gama warra lamaaniin gaggeeffamu xiyyeeffateera. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuuf waanti qorataa kakaase sirba arrabsoo ilaalchisuun qorannoowwan kanaan dura qorataman xiyyeeffannoon isaanii inni guddaan gama sirba aadaa ta'uufi afoolaan sirna walaloo isaanii malee; gama xiinqooqaan unkaa fi hiika afaanii achi keessatti hojiirra oolan kan xiinxalee lafa kaa'e hanga ammaatti kan hinjirre ta'uudha.Fakkeenyaaf ,bakka qorannoon kun itti gaggeeffame wajjin walitti dhiheenya kan qabu tokko yoo ilaalle, Olaanii (2009) qorannoo digirii lammaffaaf gaggeesseen "xiinxala unkaa fi qabiyyee faaruu naqatanii fuudhuu godina Horroo Guduruu wallaggaa Aanaa Jaardagaa Jaartee" jedhu irratti dhiyeesseen xiyyeeffannoo kan godhatee faaruu guyyaa cidhaa walitti qabuun unka walaloo agarsiisanifi qabiyyee akkamii akka qaban yoomeessa isaaniin qoqqooduun qaaccesseera.

Qorannoowwan biroo kana fakkaatan hedduu sakatta'uun ilaaluuf yaaleera. Haata'umalee garuu akkuman armaan olitti ibsamuuf yaalame qorannowwan kunneen hundi isaanii iyyuu fuulleffannoon isaanii gartokkeedha.Qorataanis kana bu'uura godhachuun kallattii xiyyeeffannoo qorannoo isaa caasaa afaanii sirba kanaa keessatti gama unkaa fi hiikaan jiru sakatta'uun baasuu bu'uuraqorannooisaa godhateera. Haala kanaan yoo xiinxalame ogbarruu ammaayyaafi xinqooqa afaaniif bu'uura guddaa waan ta'uuf, unka jechootaa ittiin sirbamaa tureefi hiika tokko akkamitti dabarsaa akka ture addan baasuun ibsuun gaarii ta'a.

Kanaafuu,Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessattis sirna fuudhaafi heerumaa gaggeeffaman keessatti sirbi arrabsoo isa tokkodha.Sirbi kun immoo haalli walaloo isaa sirba biroo irraa addadha. Sababiin isaa guyyaa cidhaa yeroo namni gammadee jirutti arrabsoo dhiyeessuun akka namni bohaaru godha. Kunimmoo waan faallaa ta'eofkeessa qaba waan ta'eef kana beekuuf immoo caasaan afaaniiisaa akka itti hojiirra oolu xiinxaluun baay'ee gaariifi xiyyeeffannoo kan barbaadudha. Unkaafi hiika akkamii akka agarsiisu xiinxaluun qorannoo hanga ammaa godinichatti hojjetame hin jiru.Akkasumas bakka qorataan kun itti dhiyaatee jirus waanta'eef sirba arrabsoo godina kana keessatti sirbaman walitti qabuun bu'uura gaaffilee qorannoo kanneen irratti hundaa'uun xiinxalee jira.

Gaaffilee qorannoo;

1. Unkoonni dhamsagaa, jechaa, gaaleefi ciroo sirba arrabsoo cidhaa keessa jiran maal fakkaatu?
2. Sirboota arrabsoo yeroo cidhaa jedhaman keessatti hiikni faallaa,hammattuu, masoo, dursaa,yaada yeroo mara dhugaa ta'e,jechoota walfakkatanii hiikaan addaa,hiikheddee,kutaa qaamaa fi keeyyataa akkamiin ibsamuu?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyyoon gooroo qorannichaa sirba arrabsoo cidhaa sirba aadaa Oromoo keessaa tokko kan ta'e qorachuun haala caasaasaafi hiika inni hawaasa keessatti waliigalaan qabu ibsuudha.

Kanneen armaan gadii kaayyoo gooree qorannoo kanaati;

- Unkajechaa,dhamsaga, gaalee fi ciroo walaloo sirba arrabsoo yeroo cidhaa xiinxaluun addaan baasuu
- Sirboonni arrabsoo yeroo cidhaa hiika faallaa,hammattuu,masoo,dursaa,yaada yeroo mara dhugaa ta'e,jechoota walfakkaatanii hiikan adda,hiikheddee,kutaa qaamaa fi keeyyataa akkamiin akka ibsaman lafa kaawuuf

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorataan xiinxala unkaafi hiika sirba arrabsoo yeroo cidhaa Godina Horroo GuduruuWallagaa sirbaman xiyyeeffachuun kan gaggeesse dhiimmoota armaan gadiin bu'aa akka qabu hubateeti.

- ✓ Namoota qorannoo kana fakkaatu gaggeessaniif bu'uura ni ta'a.
- ✓ Sirbi arrabsoo cidhaa afoola Oromoo keessatti bifa walaloon afaaniin jedhamaa waan tureef amma immoo unkaa fi hiikti isaa yemmuu qoratamu haallii

qindoomina jechaa fi caasaa isaa ogummaa guddaa waan of keessaa qabuuf namoonnii yeroo ammaa walaloo garagaraa barreessan itti dhimma bahuu danda'u.Akaasumas asoosamaa keessatti illee midhagina guddaa kenna. Kanaafuu, ogbarruu ammayyaafbu'uura ni ta'a jechuudha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qoratichi qorannoo kana gaggeessuuf haala itti aanuun daangesseera.Daangaan isaa immoo afoola Oromoo jiran keessaa sirba fudhateera. Akkuma beekamu sirba keessaa immoo gosoota sirbaa hedduutu jira. Haata'umalee kallattii xiyyeeffannoo qorataa kan ta'e walaloo sirba arrabsoo yeroo cidhaa jedhamu irratti daanga'eera. Sababiin isaa ka'umsa qorannichaa keessatti akkuma ibsamuuf yaalame unkaa fi hiikni walaloo sirba kanaa gama xiinqooqaan qoratama waan ta'eefidha. Bakka qorannoon kun ittii gaggeeffamu immoo naannoo Oromiyaa keessa godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessaatti ta'a. Sababiin hanga kana daangeessuun barbaachiseef, dacheen oromiyaa bal'oo waan taateef kana hunda immoo waliin ga'uun kan hin danda'amne ta'uu isaati. Xiinxalliin isaas unkaa fi hiika walaloo sirbichaa raga kennitoota irra walaloo isaa walitti qabuun yemmuu ta'u, waanti gama ogbarruun jiru askeessatti hin xiyyeeffatamu.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti waantonni qorataa mudatan nijiru. Haalli itti ragaa funaannatan rakkisaa ta'uu. Kun immoo kan mudate saba rakkoo siyaasaan fi dhukkuba daddarbaa biyya keessatti mullate irraa kan ka'edha. Kanaafuu qorannoo kana gaggeessuuf bakka bakkatti deemuun yeroon raga funaanamu deeggarsa qaamolee dhimmi ilaallatu irraa barreeffachuun, akkasumas adeemsa of eeggannoo koronaa hojiirra oolchuun fala kaa'uun raawwateera.

## 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

GodinniHorroo Guduruu Wallaggaa bara 1911 ALI tti kan hundeeffamte yemmuu ta'u, baroota sirna mootota garaagaraatti maqaa garaagaraan waamamaa turteetti. Otuu maqaa ammaa kana hinargatiin 'Koonyaa Horroo Guduruu' jedhamuun bulchiinsa mataa ishee qabaachuun waamamaa turteetti. Godinaalee Oromiyaa keessa jiran keessa tokko taatee,magaala guddoo biyyattii Finfinnee irraa kiloomeetira 315 irratti Kallattii Oromiyaa lixaan kan argamtudha. Kallattii Bahaan shawaa Lixaa, Dhihaafi Kibbaan Wallagga Bahaan fi kaabaan immoo Goojjamiin dangeffamtee argamti. Akkasumas Kibba laga Abbay irratti kan argamuu ta'ee bakka oromoon maccaa kan akka Guduruu,Jimmaa,Horroo,Amuruufaa qubatee jirudha

(www.amazon.com). Odaalee Oromoo gurguddoo shanan keessaa ‘Odaan Bulluq’ godina kana keessatti argama. Godinichi aadaa uffannaa, nyaataa (cuumboo, qorii, cuukkoo,caccabsaa faa) fi waliin jireenyaa miidhagaa kan qabudha. Uummanni kunis amantaalee kanneen akka pirootestaantii,ortoodoksii,waaqeffataa fi Islaamaa kan waaqeffatanidha.

*(Madda : Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Horroo Guduruu Wallaggaa).*

## BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUULEE WALFAKKAATANII

### 2.1. Seensa

Qorannoo kanaaf bu'uurri isaa maal akka ta'e addaan baasuun barbaachisaadha. Kanaafuu,yaadxina qorannoon kun hordofu,maalummaa sirba cidhaa,maalummaa sirba arrabsoo cidhaa,walitti dhufeenya afaaniif sirbaa, unkafi hiika sirba arrabsoo yeroo cidhaa jedhaman ilaalchisuun barruuwwaan hayyoota garagaraa sakatta'uuf yaalameera.

### 2.2. Yaadxina Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaadxina qorannoo sana deeggaru bu'uureffachuun murteessaadha.Yaadxinaalee hayyoota adda addaatiin lafa kaa'aman keessaa qorannoon kun bu'uureffate kan tajaajilaafi yaadxina galumsaa yommuu ta'u, yaadxinni tajaajilaa afoola hawaasa tokkoo qorachuudhaan aadaa, haala jireenya isaaniifi sadarkaa qaroomina isaanii beekuuf gargaara. Yaada kana cimsuuf, Amos (1975) "The functional approach to the catagorization of oral literature actually as focused up on the relationships between forms of verbal art and existing cultural and social need"(46) jedha.Akka yaada kanaatti,yaaxinni tajaajilaa walitti dhufeenya hawaasaafi fedhii hawaasummaa gidduu kan qoratuudha.

Dabalataanis yaadxina galumsaa gargaarameera.Yaada kana cimsuuf, Filee(2019,f.31) Bauman(2005) fi Dorson(1972) wabeeffachuun yemmuu ibsu,"Yaadiddamni galumsaa irraa caalaatti kan xiyyeeffatu ilaalcha hawaasni tokko hiika jecha tokkoof, sochii tokkoof yookan halluu tokkoof qabuufi waanta sanaaf hiika itti kennu xiinxaluudhaan icciitii hawaasni sun qabu beeku adda baasuudhaan qorachuuf bu'uuradha"jedha.Yaada kana irraa waan hubatamu yaadiddamni galumsaa afoolli tokko gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaanii keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kan gargaaru ta'uu isaatu hubatama. Haaluma kannaan unkaafi hiika weedduun arrabsoo yeroo cidhaa xiinxaluun caasaa afaanii inni qabatee jiru beekuun barbaachisaadha.

Kanaafuu,yaadxina tajaajilafi galumsaa gargaaramuun bu'a qabeessa ta'a jechuudha.Sababiin isaa qorataan qorannicha kan xiinxalu sirbi kun tajaajila hawaasaaf kennu keessatti xiinqooqa barsiisuuf hiika tokko akkamiin akka fayyadamee ergaa akka dabarsu fi unkoota jechootaa jijjiiruun unka haaraa uumee jechoota afaanicha keessa jiran heddummeessuu keessatti tajaajilu qorachuuf addeemsa yaadxina armaan olii lamaan gargaarameera.

Kanaafuu,yaadxina kana irratti hundaa'uun qorataan xiinxala unkaa fi hiika sirba arrabsoo yeroo cidhaa sirbamu Godina Horroo Guduruu Wallaggaa irratti gaggeesseera.

## 2.3.Maalummaa Sirbaa

Sirbi bifa garaagaraan dhiyaachuu danda'a. Gammachuun(2003,f.6)irratti ibsutti sirbi bakka lamatti qoodama. Isaanis:sirba ammayyaafi aadaati. Kunis sirbi gosa qabaachuu isaa mul'isa. Gama biraatiin immoo, kitaabni Encyclopedea Britanica (1993, vol.11) akka ibsutti "Asong can have one of the types. These are art song and folk song, the folk song does not need musical composition" jechuun kaa'a. Haaluma kanaan sirba cidhaas sirba aadaa keessaa tokko ta'ee ,ergaa fi qabiyyee of keessaa qabuun kan jala bultiin sirbamu, hamaamonni sirban, kan dubartoonni qe'ee gurbaa fi intalaa sirbanii fi gundo booree ilaalchisuun sirbaman hunda haammata jechuudha.

## 2.4. Maalummaa Fuudhaaf Heerumaa,Gaa'elaafi Sirba Cidhaa

Fuudhaaf heerumni aadaa oromoo keessatti baay'ee beekamaa kanta'edha. Guyyaa fuutiif heerumni sun raawwatamu cidha jedhama. Sirni cidha sanarratti gaggeeffamu immoo sirna gaa'elaati. Biraanuu (2003, f. 35) gaa'ela yoo ibsu "gaa'elli shamarreefi dargaggoon tokko bara isaanii keessatti walfuudhuun bara jireenyasaanii waliin akka jiraatan yoo murteessan jechuudha" jedha. Yaada kanarraa akka hubannutti fuutiifi heerumni shamarreefi dargaggeessi ga'e bara isaanii guutuu waliin jiraachuun sanyiisaanii baayyisuuf kan gaggeeffamudha. Haaluma walfakkaatuun hayyoonni Hornyby, Gateby and wakefield (1995, f. 603) gaa'ela yoo ibsan "marriege is union of a man and a woman as hasband and wife ; state of being married" jechuun ibsu. Yaada kanarraa ka'uun gaa'elli hidhata dargaggeessi tokko shamarree tokko faana haala fuudhaafi heerumaan walitti dhufuun abbaa warraafi haadha warraa ta'anii waliin kan jiraatanidha. Cidhi immoo sirna guyyaa sanaaf qofa raawwatamee hafudha. Sirna cidhaa kana irratti sirbi adda addaa sirbamuu danda'a. Kunis kan hamaamonni sirban fi kan dubartoonni sirban nijira. Sirbi cidhaa yeroo fuutiifi heerumni tokko gaggeeffamu kan sirbamudha.Maatii,hamaamota dhiiraa, shamarran fi namoota gammachuu sana irratti hirmaataniin kan sirbamuu danda'udha. Kanaafuu,sirbi gaa'elaa kunis bultii ijaaramuu kanaaf beekamtii kennuuf adeemsa taasisamu keessatti kan hojiirra ooludha.

## 2.5. Maalummaa Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa

Sirbi arrabsoo gochaalee amalaa fi shaakallii hawaasichaan jibbaman kan ittiin qeeqamaniifi ittiin akka qajeelan taasifamudha. Sirbi arrabsoo kan intallii heerumtu ittiin soddaa arrabsitu, ceephaatu akkasumas gareen gurbaa fuudhuu intala ishee heerumtu ittiin arrabsaniif ceepha'anidha Nagarii(1995,f.4). Yaada kana cimsuuf , hayyuun Bukenya (1994) yeroo ibsu ;"Each geners of oral literature has apart to play in education of particular society. While expressing feeling of people and playing other apeutic role the song satrises unacceptable behavior and warns member againist misdemeanor"(f.86) jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubatamutti gooroowwan afoolaa kamiyyuu amala gaarii ta'e jajjabeessuun kan hintaane immoo qeequun barnoota kennuu keessatti gahee guddaa qabu jedha.

Haaluma kanaan sirbi arrabsoos kunis afoola keessaa tokko ta'ee amala hintaane qeequun ergaa isaa dabarsa jechuudha.Gama biraan immooGammachuu (2003) yoo ibsu;

> Songs are one of the most way in which Oromo express their traditions, customs, beliefs, sorrow, and joys and songs are the means by which the society express its feelings and emotion, understanding about the past react to the present situations teachers the new generations and for wards to the coming generation,(f.8-9) jedha.

Yaada kanarraa waanti hubatamu, sirbi karaalee beekamoo Oromoon aadaa isaa, duudhaa, amantaa faa ,akkasumas fedhii keessoo isaa kan ittin ibsataa turedha. Kanaafuu, sirba arrabsoo kanatti gargaaramuun fedhii keessa isaanii maatiin misirroota gama lachuu iyyuu ibsatu jechuudha. Haaluma kanaan sirbi arrabsoo yeroo cidhaa hawaasa oromoo keessatti beekamaadha. Weedduun arrabsoo kan durbi heerumtu addooyyee ishee waliin taatee gurbaa ishee fuudhuufi fira isaa ittiin arrabsitudha (Dafaa, 1974,f.18).

Sirbi arrabsoo yeroo cidhaa fedhiif ilaalcha qaban tokkoo kan ittiinibsatanidha.Sirboonni kunis yeroo sirni gaa'elaa tokko raawwatamuuf qophaa'u jala bultii irraa ka'ee hanga cidhi sun raawwatamuutti kan sirbamudha. Isaanis:hiroo, sirba arrabsoo fi gundo booree jedhamuun beekamu. Haaluma kanaan akka Fedhasaan (2013) irratti yemmuu ibsu, "sirbi waloo yeedaloon weellifamu ta'ee sochii qaamaan ammo hurrubbii yeedaloo waliin deemuudha*"(*52*)* jedha. Kanaafuu,sirbi dhiyaatu kamuu akkaataa sagaleeffama isaatti sochii qaamaa qaba jechuudha. Haaluma kanaan sirbi arrabsoo durbaa meeshaa muuziqaa kan akka dibbee wajjin qindaa'ee dhiyaata. Walaloon isaas humna ittiin garaa nama raasu qaba. Haalli dalagaasaas ta'e ergaan isa

keessa jiru nama kan kakaasu, onnee namaa tuqee kan garaa nama raasu,gaddaa fi ho'ina kan namatti fiduudha (Nagarii 1995,f.6).

Gama biraan immoo, xiyyeeffannoon sirbi arrabsoo durbaa intalli heerumtu ittiin soddaa arrabsuuf: bifa, hojjaa, gootummaa, qabeenya, sanyii faa ilaalchisuun walaloo cabsa ykn tuffii ibsu tarreessanii weeddisu jechuudha. Weedduu cidhaa keessatti shamarran yommuu soddaa arrabsan hamilee cimaadhaan jechoota isa aarsu gargaaramanii sagalee dheekkamsaan weeddisu Nagarii (1995,f.10).Yeroo misirrittiin dhuftee mana misirrichaa seenuuf kaatus gama warra gurbaan dura ishee darbanii karra mana misirrichaa irra dhaabatanii akkas jedhanii arrabsu "Duwwaan dhufte duwwaa ishee" jechuun arrabsu.Yeroo sanatti misirroo shamarreen yeroo akkanatti arrabsan yaadaan gara seera durbummaa qabaachuu ishee of xiinxalti, keessa isheetti yoo guutuu taate waanti ishee yaaddessu hin jiru; yoo ta'uu baatte garuu, qaaniidha. Kun immoo akka aadaa Oromootti weedduun gaa'elaa safuu guddaa fi kabaja kan qabuu ta'uu isaa agarsiisa (Birhaanuu, 2003,f. 47-48). Walumaa galatti, Sirboonni arrabsoo hedduun hawaasa keessa jiran ittii fayyadama afaanii adda addaa kan of keessaa qabanidha. Kunis filannoo jechootaa, dubbiiwwan qoolaa sirnaan itti fayyadamanii jiruu; otuu sirni bareeffamaa akkaataa ammaan hin jiraatiin jechuudha. Sabaaba kanaaf yemmuu dhaggeeffannuu fi yemmuu weeddifnu sammuu keenya qirqidu ykn hawatuu. Kanaafuu, sirbi arrabsoo yeroo cidhaa gaggeeffaman unkaa fi hiikaa mataa isaanii ni qabaatu waan ta'eef qorannoo kana keessattis waantoota kana addaan baasuun xiinxaluuf xiyyaafatameera

## 2.6. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Sirbaa

Afaaniifi sirbi kan walirraa adda bahuu hindandeenyedha. Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaati. Afaan hojiirra kan ooluu yoo yaadni darbuu barbaadame tokko ibsamedha.Akkasumas waantoota idilee fi al idilee ta'an keessatti, seera afaanii fi hiika jechootaa gargaaramuun yaadolee walmaddalchisuu, gaaffilee gaafachuu,waan jaallatanii fi jibbaan, sababaa fi bu'aa, gullaallii kennuu, raaguu fi nagaa gaafachuu dandeenya(Zainit,2014).Sirbi ammo walaloo bifa yeedaloo qabuun dhiyaatudha. Sirba gargaaramuun yaada namaa, ilaalcha fi yaadotaa kamiyyuu keessa namaa jiru bifa hawataa ta'een ibsuu dandeenya. Haata'umalee yaadni dhiyaate tokko akka sirriitti hubatamuuf hiika inni saayinsii afaanii fi addunyaa dhugaa keessatti qabu beekuun gaariidha. Yaada kana cimsuuf, Zainit (2014) akkas jechuun ibsiti, "In order to make vivid description about the idea or message in their song, Understand the meaning and description of real life in this world are entered in the lyric by composers" (f.2) jetti.

Walumaagalatti yaada armaan olii irraa waanti hubatamu afaanii fi sirbi walitti dhufeenya kan qabanii fi walmalee hojiirra ooluu kan hin dandeenyedha. Keessumattuu caasaan afaanii fi hiika jechoota achi keessa jiranii beekuun ergaa sirba sanaan darbu sirriitti akka hubatamu godha. Akkasumas immoo guddina afaanii fi bu'uura ni ta'a jechuudha.

## 2.7. Unka fi Hiika Walaloo Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa

Sirbi arrabsoo akkuma gosaa afwalaloo ta'etti amala mataa isaa ni qabaata. Akka Claude (1997)ibsutti“...structurally Oromo love poetry is partly serves for sound parallelism as well as rhythmic function. Oromo focuses more on beauty of forms of poetry specially in poetry than its meaning”(f.67) jedha. Waraabbii armaan olii irraa waan hubatamuu danda'u walaloon sirbaOromo caasaa sagalee isaanii walsimachuu irratti xiyyeeffachuun walalicha miidhagsuun dhiyaatu yeroo kana immoo unki addaa uumamuu danda'a gama caasaa sagaleen akkasumas jechaan yemmuu dhiyaatu. Haaluma kanaan unka ykn caasaa afaanii baramaa ykn kan seera idileen beekamu fayyadamuun kan sirba arrabsoo yeroo cidhaa keessatti itti dhimma bahamu waliin qabuun xiinxaluun akka hubataman gochuudha.Caasaa afaanii keessatti unka sagalee irraa ka'ee hanga hima ijaaruutti jiru ilaalchisuun qabxiileen beekamuu qaban muraasa akka itti aanuutti dhiyaateera.

Akka Misgaanuu(2011) irratti Tasammaa (2004) wabeeffachuun ibsutti*;* “… the Oromo vocabulary and terms used in the songs are not ordinary. They are so deep and often loaded with several meanings and no easy to translate” (f.74) jedha. Yaada armaan olii irraa akka hubannutti, sirba Oromoo keessatti hiikni kennamu hiika jechicha irra keessa otuu hin taane hiika dhokataa ykn gadifagoo of keessaa qaba. Kanaafuu, falaasama, aadaa fi duudhaa hawaasichaa kan of keessaa qabu waan ta'eef sana hunda hubachuun barbaachisaadha.

## 2.8.Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo

Caasaaleen unkaan garaagaraa hiika bu'uuraa tokko ta'uu isaanii kan agarsiisudha. Caasaan afaanii immoo tuuta seerota kan caasaalee kanaa to'atudha (Addunyaa,2018). Unki immoo waanti tokko maal akka fakkaatu kan agarsiisudha. Kanaafuu unki caasaan kun qabu maal akka fakkaatuu agarsiisudha.

### 2.8.1.Unka Caasaa Afaanii

Unka caasaa afaanii jedhamanii kan beekaman addaan bahanii kan jiranidha. Yaada kana cimsuuf toorri interneetii (..ses.lumenlearning.com) "Five major components of the structure of language are phonemes,morphemes,lexems,syntax and context. These pieces all work together to create meaningful communication among individuals"jedha. Yaada kana irraa akka hubannutti caasaan afaanii dhaamsaga,latii,jechootaa fi xiinhima of keessatti qabata jechuudha. Akkasumas caasaan afaanii kan akka jechootaa,himootaa,gaalee,hiika faa kan ofkeessatti qabatudha (Brown,1994 fi Davies,1999). Kanaafuu caasaan afaanii warreenolii kana yemmuu ta'u unka caasaa afaanii jechuun immoo unkoota warra kanaa xiinxaluun dhiyeessuudha. Haaluma kanaan xiinxallii qorannichaaf akka mijatuuf yaadrimee caasaa afaanii akka itti aanuutti dhiyeessee jira.

#### 2.8.1.1. Dhamsagootaa

Xiindhamsagni sagaleewwan afaan tokkoo keessatti itti gargaaramnu kan ibsuu fi seerota ittiin sagaleewwan kun walitti qinda'an hammata(Bauman,Waengler,2009). Dhamsagni walitti qindaa'uun birsagaafi jecha uumu. Unkoonni dhamsagaa kunadeemsa adda addaan walfaana deemuun firoomina adda addaa agarsiisu.

Firoommiin dhamsagootaa amala walii kennuu fi walirraa fudhachuun olla waliin jiraachuu isaanii agarsiisa. Haata'umalee akka seera isaaniitti yoo kan waliigaluu danda'an yoo ta'e malee walbira hin hiriiran (Addunyaa,2014). Kanaafuu dhamsagoonni jecha tokko ijaaran haalaa fi bakka uumama isaanii irratti hundaa'uun guutummaan ykn gartokkeen firoomina agarsiisuu danda'u.Gama biraan immoo sagaleen hidhii lamaan irratti hin uumamne tokko akka dabalataatti yeroo amala sagalee hidhii fudhatu kan argamudha(Addunyaa,2018). Kanaafuu sirba kana keessatti dhamsagoota amala akkasii argisiisan xiinxaluun gaariidha.

Birsagni walaloo sirbaa keessatti sararoonni jiran hundi caasaa birsagattii qooduun xiinxaluun danda'ama . Yaada kana ilaalchisuun Geetaachoo (2011) irratti "Birsaga jechuun caasaa sagalee dubbachiiftuu qofaadhaan ykn walitti qindaa'ina sagalee dubbifamaa fi dubbachiiftuutiin kan ijaaramu"(f.39)jechuun lafa kaa'a. Kanaafuu qorannoo kana keessattis unka dhamsagootaa sirbi kun itti fayyadamu ilaaluun gaarii dha. Birsagni walta'iinsa dhamsagootaan kan ijaaramu ta'ee seera mataa isaa niqaba. Kunis jalqabaa fi dhuma irratti hinjabaatu, dubbifamaa qofaan kan ijaaramu hin jiru,ka'umsaa fi cufaan isaa dubbifamaadha,utubaan yeroo hunda dubbachiisaadha (Addunyaa 2014,f.29).

### 2.8.1.2. Jechoota

Jechi unkoota garagaraa qaba. Addunyaa(2012) akka jedhutti, "Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaa fi dhamjechootaa kan uunkaalee hiikaa tokkoofi isaa ol qabaniin dhihaachuu danda'uu fi afaan tokko keessatti of danda'ee dhaabbatuu dha "(f.105) jedha. Yaada kana irraa waan hubatamu jechi tokko yemmuu ijaaramu seera afaanii idilee ta'e qabaachuun kan ijaaramu ta'uu isaa hubanna. Xiin latiin saayinsii waa'ee caasaa keessa jechootaa maal akka ta'an gadfageenyaan adda baasuun qo'atudha.Yaaduma kana cimsuuf waraabbii kana haa ilaallu,"Morphology-is part of linguistics competence that involves the ability to construct and interprate words. It is the system of categories and rule involved in word formation and interpretation"(Ogrady, William etal(1997).Akka yaada hayyoota kanneeniitti xiinlatiin damee beekumsa xiinqooqa jechootaa ijaaruu fi xiinxaluu ofkeessatti kan hammatudha. Kun immoo jechoonni unkaalee hordofanii ijaaraman ifaa kan qaban ta'uu ibsa.Akka Charles.W.Kreidler (1998) ibsutti;

> The technical term minimal meaningful part is morpheme. arm,chair, happy, guitar, lemon, shoe and horn are morpheme; none of them canbe divided to something smaller that is meaning ful. They are free morpheme because they occur by themselves. The elements un-,-ist and –ade in unhappy,guitarist and lemonade respectively.are also morpheme ;they are bound morphemes which are always attached to something else"(f.51) jedhu.

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu latii jechuun unka jechaa xiqqaa qaamolee birootti addaan bahuu hin dandeenye ta'ee, latii ofdanda'aafi hirkataa jedhamuun bakka lamatti kan qoodamu ta'uu hubanna.Haaluma kanaan latiin hirkataa immoo horteefi uumamtee jedhamuun bakka lamatti qoodamu(Katamba,1993,f.19).

Jechoonni adeemsa garaagaraan uumamuu danda'u. Adeemsi kunis unkoota garagaraa maxxanfachuun kan raawwatamudha. Addunyaan (2018) akka ibsutti;"Jechoonni yaasaa, suphuun, diigala fi gabaajeen uumamuu danda'u"(f.143 )jedha. Haaluma kanaan yaasaan dhamjechoota maqeessituu, gochimeessituufi maqibseessitu gargaaramuun kan uumaman yemmuu ta'u,suphuu fi diigallii immoo jechoota unka garaagaraa qaban walitti maxxansuun kan jecha addaa uumanidha.

Unkoonni akkasii kunneen jechi tokko otuu garee isaa hin jijjiiriin unka adda addaa maxxanfachuun caasaa afaanii kan agarsiisanidha(Addunyaa 2018,f.96). Latiileen hortee jecha irrattii fufamuun unka jechaa irratti caasluga lakkoofsa, maayii,saala ,henna, ramaddii, irraawwatama faa agarsiisuun jecha ijaaru(Katamba,1993). Kanaafuu unkoonni hortee akkamiin akka seera afaanii akka agarsiisan hubachuun gaariidha.

### 2.8.1.3. Gaalee Afaan Oromoo

Jechoonni gaalee tokko ijaaran walfaana socho'u waan ta'eef unka wal hammannaa qabu. Haaluma kanaan gaaleen jecha mataa ta'ee gale irratti hundaa'uun gaalee maqaa, addeessaa, durduubee fi gochimaa jedhamuu danda'u. Akkasumas miiltoowwan garee jechoota adda adda hordofsiisuun dhiyaataniiru (Addunya,2014).“Ingenerative grammer, phrases are defined assequence of words or single word having syntactic significance; i.e.they form constituent” (Donna & lauver 210,f.214). Akka yaadxina maddisiisaatti jechi tokko hanga mataa ta'ee galetti qofaa isaa gaalee ta'uu danda'a jedhu.

Haata'umaleeakka Radford (2009)irratti ibsetti *immoo* “Phrase marker show us how phrase or sentence is built up out of constituents of various type; hence,atree diagram provides avisual representation of the constituent structure of the corresponding expression” (66) jedha. Kana jechuun kutaaleen gaaleeadda addaa gahee mataa isaanii kan qabaniifi seerluga agarsiisuuf immoo caasa lamee gargaaramu jechuudha. Yaadota armaan olii irratti hundaa'uun eenyummaan gaalee tokkoo kan murtaa'u jecha mataa ta'ee galeenidha. Jechoonni akka guuttoo ykn gabbistootti faana galan immoo unka gaalee kanaa unka lamee taasisu waanta'eef harki caalaan gaalee Afaan Oromoo caaslamee ta'a jechuudha.Kanaafuu unkoonni gaalee sirba arrabsoo yeroo cidhaa keessa jiru maal akka fakkaatan xiinxaluun gaariidha.

### 2.8.1.4.Ciroo

Ciroon tuuta jechoota gochima ofirraa qaban ta'ee bakka lamatti qoodama. Isaanis; ciroo of danda'aafi hirkataa jedhamu. Ciroo ofdanda'aan ergaa guutuu kan dabarsu ta'ee, akka qaama himaa fi hima guutuu tokkootti illee tajaajiluu kan danda'udha. Ciroo hirkataan immoo ergaan isaa rarra'aa ta'uuf unkoota adda adda maxxanfatee kan argamudha(Addunyaa,2014)

Ciroo ofdanda'aa tokko irraa ka'uun himni ijaaramuu danda'a. Himni caasaalee garagaraa irraa qindaa'uun kan ijaaramudha. Kanaafuu,akkaataa saayinsii eeggateen kan ijaarame ta'uu

hubachuun barbaachisaadha. Addunyaa(2010,f. 148) akka ibsutti, xiinhimni dameewwan gooree xiinqooqaa keessaa tokko ta’ee, akkaataa ittiin jechoonni wal filatanii caasaa isaanirra guddaa kanneen akka gaalee fi ciroo ijaarratan saayinsii qoratu ta’uu isaa addeessa. Cook (2003) hima yeroo ibsu, “sentence is defined as containing acomplet thought and was composed of subject about which something is said and predicate ,about the subject”(f. 26) jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti himni ergaa guutuu kan dabarsuu fi matimaafi xumura kan qabudha. Kanuma irraa ka’uun gaaleewwanii fi ciroowwan unkaa isaanii eeggatanii qindaa’uu xiinxaluun gaarii ta’a.

## 2.8.2. Xiinxala Hiikaa (Semantics)


Akka ogeeyyiin afaanii adda adda ibsanitti xiinhiikni saayinsii waa’ee hiika jechoota, gaaleewwaniifi himaa qoratudha. Akka Saeed(2004) ibsetti, xin-hiikni saayinsii quunnamtii hiikaa karaa qooqaa taasifamudha.Yule(2006) akka ibsetti immoo, jechootni baattoo hiikaa qofaa osoo hintaane, walii isaanii gidduutti hariiroo qabanidha. Kanaafuu, jechoota hariiroo isaan waliin qabaniinis xiinxaluun barbaachisaadha.Haaluma kanaan jechootaa, gaaleewwanii fi himoota sirba arrabsoo keessa jiran hiika akkamii akka qaban xiinxaluudha.Ittidabalees, itti fayyadama jechootaa fi malleen dubbii achi keessa jiranii beekuun barbaachisaadha.

#### 2.8.2.1.Hiika faallaa (antonyms)

Hiika faallaa jechuun walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduutti mul’atudha. Walitti dhufeenyi kunis faallaa sadarkeessaa,faallaa qaraa fi faallaa waliinlaa ta’uu danda’a (Addunyaa2014,f.113).

#### 2.8.2.2.Hiika hammattuu(hyponyms)

Hiikni hammattuu akkumaa maqaa isaa irraa hubatamutti kan waanta tokko ofkeessatti hammatee jirudha.Fakkeenyaaf,




(Madda : Ebbaa fi Ashennaafii, 2015)

Kan armaan olii irraa kan hubatamu lukkuun miseensa beellada manaati jechuun hiika kennuun ni danda’ama.

#### 2.8.2.3.Hiika walfakkii (synonyms)

Hiika walfakkii jechuun jechoota masoo walii ta'anidha. Hiikni walfakkii kan guutummaan walfakkaatanii fi kan gartokkeen walfakkatan jedhamuun beekamu. Jechoonni guutummaan walfakkii guutummaa guutuu agarsiisan muraasa yemmuu ta'an;kanneen walitti siqeenyan hiikaman garuu kan jiranidha (Palmer 1976). Haaluma kanaan jechoota sirba kana keessatti mul'atan hiika masoo walii isaa xiinxaluun ibsuun gaariidha.

#### 2.8.2.4.HiikaDursaa (Presupposition)

Hiika dursaa jechuun gochaan amma raawwatu tokko isa duraan raawwatame tokko bu'uura taasifachuu danda'uu isaati (Addunyaa2014,f.120). Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu hiika gochaa amma raawwatee kennuuf kan duraan jiru ilaaluun barbaachisaa ta'a jechuudha.

#### 2.8.2.5.Hiika Jechoota Walfakkaatanii Hiikaan Addaa (Homonyms)

Jechoota unkaan walfakkatanii hiikan adda ta'an kan ilaallatudha. Hiikni isaan kennan kan tasumaan walitti dhufeenya hin qabnedha(Lyons, 1977,f. 22 fi Palmer, 1976,f. 65). Kanaafuu jechoota sirba kan keessa jiraatanii unka walfakkatuun hiika adda adda dabarsan ibsuun gaariidha.

#### 2.8.2.6. Hiika Heddee(polysemy)

Jechi hiika tokkoo olqabu hiika heddee jedhama. Kanaafuu unki xiinqooqaa tokko muuxannoo tokkoo ol bakka bu'uu danda'a jechuudha (Addunyaa 2014,f.115). Haaluma kanaan unka jechi tokko bakka galma isaa irratti hundaa'uun hiika tokkoo oldabarsa jechuudha. Hiikni galumsaa jechoota hiika isaanii hima keessatti ykn immoo sirba dhiyaate keessatti xiinxaluudha.*"*Context is conceived of as comprising the immediate features of a speech situation in which an expression is uttered, such as time, location, speaker, hearer and preceding discourse"*(*Fetzer, 2004,f.4). Yaadni hayyuu kanaa akka ibsutti , galumsi haala dubbii yeroo sanaa keessatti yeroo,kallattii,duubbata,dhaggeeffatafi duraaduuba yaadaan kan xiinxalamudha.

#### 2.8.2.7.Hiika Kutaa Qaamaa (meronyms)

Hiikni kun walitti dhufeenya qaamolee xixiqqaan qaamolee gurguddaa wajjin qaban kan agarsiisudha.Kunis qaamolee xixiqqaan shoora qaamolee gurguddaa keessatti qaban agarsiisa

(Addunya 2014,f.116). Kanaafuu,qaamoleen kunis kanneen baayyee barbaachisoo ta'an fi kanneen qaama sana irraa addan bahuu hin dandeenye jedhamuu danda'u. Haaluma kanaan jechoota tajaajila kanaaf oolan addaan baasuun xiinxaluun gaariidha.

## 2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkaatanii

Qorataan waraqaa qorannoowwanii qorannicha waliin walfakkaatanii hojjetamaniiru jedhee yaade sakatta'uudhaan haala itti aanee jiruun ibsee jira.

Maammoo (2009) waraqaa qorannoo isaa digirii lammaaffaa 'Qaaccessa qabiyee fi unka weedduu arrabsoo durbaa sirna naqatanii fuudhuu Godina Wallagga Lixaa Aanaa Haaruu'jedhu irratti xiyyeeffachuun gaggeessee jira. Qorannoon kun sirba arrabsoo durbaa irratti gaaggeeffamuun fi unkaa weedduu arrabsoo durbaa qaaccessuuf xiyyeeffannoo isaa keessaa tokko godhachuun isaa walitti siqeenya akka qabaatu taasisa. Haata'u malee bakkaa fi xiyyeeffannoo qorannoon kun xiinxaluuf ka'een garaagarummaa niqabaata. Innis xiinxala unka caasaa afaanii fi hiika akkamii akka qabaatu addaan baasuun ibsuudha. Qorannoon duraa garuu sirboota sana walitti qabuun qoqqoodee unka ijaarsa walaloo fi haala waliigalaa qabiyyee isaa waliin qaaccessuudha. Kanaafuu,argannoon qorannoo kanaa adda ta'a jechuudha.

Olaanii (2009) qorannoo gaggeesseen "Xiinxala unkaa fi qabiyyee faaruu naqatanii fuudhuu Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jaardegaa Jaartee" jedhu irratti dhiyeessen, xiyyeeffannoon isaa faaruu guyyaa cidhaa sanaattii gaggeeffamuu hundaa walitti qabuun xiinxaluudha . Qorannoon kun immoo kana irraa addadha. Sababiin isaa unkaafi hiika sirba arrabsoo guyyaa cidhaa kanatti jedhaman addaan baasuun gama caasaa afaanii agarsiisuun xiinxaluudha. Walitti dhufeenyi isaa immoo qorannoo naannoo walitti dhiyaatan keessatti gaggeeffameefi faaruu yeroo ga'elaa jedhaman kan xiinxalee ta'uu isaati. Kanaafuu argannoon qorannoo kanaa adda adda ta'a jechuudha.

Walumaagalatti sirba arrabsoo  ilaalchisee unkaa gama caasaa afaaniifi hiika isaa xiinxaluu irratti kan hojjetame akka Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti kan hin jirreedha.Hiika ergaa ijoo ilaalchisuun qorannoowwan adda addaa kanneen tutuquuf yaalanniiru. Haata'u malee kan isaan hiikaa jedhanii fudhatan yoomessa sirbichaa ti. Kunis qe'ee warra intalaa,gurbaa jechuun, akkasumas immoo sirbichi eenyuuf kan sirbamu ta'uu agarsiisa. Kanaafuu akkaataa qorataan xiyyeeffannoo godhateen qorannoon gaggeeffame kan hin jirre ta'uu isaatu hubatama. Kanaafuu qorannoon xiinxala unkaa fi hiikaan gaggeeffamu unka caasaa afaanii sirbicha keessatti mul'atu yemmuu ta'u;hiikni immoo kallattii xiinqooqan akkaataa xiinhiikaan walaloo sirba arrabsoo cidhaa keessatti hojiirra oolu kan xiyyeeffatedha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxni isaa mala ibsaatiin ta'ee, mala akkamtaan odeeffannoon funaaname kun qaacceffama. Sababiin isaa ragaawwan weedduu arrabsoo yeroo cidhaa jedhaman hawaasicha keessa jiran jechaan walittii qabuun waan xiinxalamaniifidha.Yaada kana ilaalchisuun, Addunyaa (2010,f.60) hayyoota Tim (2002)fi Sigh (2007) wabeeffachuun yoo ibsu, malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamu ta'uu ibsa. Yaada kana irraa waanti hubatamu afoola hawaasa tokkoo keessatti yeroo dheeraaf ittiin gargaaramaa turame qoratanii baasuun xiinxaluudha.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun haawaasa godina Horroo Guduruu keessa jiraatan irratti kan gaggeeffamedha. Kunis jiraattotafi ogeessota afaanii aanaalee Jimmaa Raaree,Jimmaa Gannatii,Guduruu fi Horroo keessa jiranirratti ta'a. Sirba arrabsoo isaa sassabachuuf madda ragaa tokkoffaa kan ta'an jiraattota keessaa namoota sirbicha beekan afgaaffiin gargaarameera. Raga dabalataa argachuuf immoo ragaa galmaa'ee taa'e fudhatameera.

## 3.3. Iddattoo fi Mala Iddattoo Filachuu

Qorannichi kan xiyyeeffate Godina Horroo Guduruu Wallaggaa irratti ta'ee, godina kana keessa immoo aanaaleen 12 kan jiran yemmuu ta'u, aanaalee kana hunda irra deemuun yeroo fi baajeta hedduu waan fixuuf iddattoo filachuun gaarii ta'a. Aanaalee kunneen keessaa mala mit carraa keessaa akkayyoon 4 filatee jira. Sababiin isaa aanaalee kunneen haala godinichaa waliigalaa ibsuu danda'u jedhamanii fudhatamaniiru. Bakka jedhamee kan keessaa namoota sirbicha beeku jedhaman afur,afur aanaalee afran keessaa nama (16) hirmaachisuun dhiyaateera. Namoonni odeeffannoo kennan kunniin sirba arrabsoo cidhaa naannoo sanatti sirbamaa ture kanneen himuu danda'an ta'a.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorataan qorannoo kana adeemsisuuf meeshaalee funaansa ragaalee af-gaaffiifi dookimantii sakatta'uutti gargaaramuun odeeffannoo walitti qabachuuf yaalee jira. Malleen funaansa ragaalee kana fayyadamuun od-himtootarraa odeeffannoo bilchaataa gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa

faana walqabsiisuun qopheessee jira. Sababiin isaa meeshaaleen kun waan barbaadamuu argachuuf nagargaaruu jedhee waan amaneefi itti dhimmaa bahuuf yaaleera. Meeshaaleen kunis armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 3.4.1. Afgaaffii

Qorataan meeshaalee funaansa odeeffannoo akkamtaa keessaa tokko kan ta'e afgaaffii garagaramuun sirba arrabsoo yeroo cidhaa jedhaman xiinxaleera. Adeemsa kana keessatti qoratichi dhimmootaa fi gaaffiiwwan deebii barbaadan barreeffatee harkatti qabata. Kana malees ,afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu waan danda'uuf yeroo odeeffannoon funaanamu kan afaaniin dubbatamu caalaa yaada od-himtootaarraa odeeffannoo dabalataa argachuuf faayidaa qaba.

Haaluma kanaan afgaafficha qorataan iddattoo saala lamaaniif gaaffilee ka'umsaaf ta'an qopheeffachuun achirra dhaabbachuun gaaffilee maddisiisuun ragaa bal'aa akka isaan argamsiisuu danda'an taasiseera. Gaaffileen kunneenis akaakuu afgaaffii gartokkeen caaseffamaa ykn gaaffilee banaa ta'an gargaarama. Sababiin kun filatameefis odeeffannoo barbaachisaa bilisaan argachuuf gargaara waan ta'eefidha. Haaluma kanaan walaloo sirba isaa walitti qabachuuf mala akkayyoon kanneen filataman nama (16) ta'ani irraa walaloon sirbichaa walitti qabameera. Qorataan meeshaa kana dhimma kan itti bahu sirbi kun kanaan dura haala kanaan xiinxalamee waan hin turreef kanneen ijoo xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ilaallatan addaan baasuun walitti qabuuf filatamaa waan ta'eefidha.

### 3.4.2.Ragaa Sakatta'uu

Qorataan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko kan ta'ee sakatta'a ragaa gargaarameera. Kunis barruulee ,waraabbiiwwan garagaraa dhimmaa weedduu arrabsoo cidhaa irratti hojjetamanii jiran sakatta'uun ta'a. Meeshaalee afgaaffiin waliitti qabameen alatti,

- ✓ Waraabbii sirba arrabsoo Jimaa Galata. Sirba isaa dhaggeeffachuun walaloo isaa gara barreeffamaatti jijjiiruun ta'a.
- ✓ Qorannoowwan sadarkaa digirii lammaffaatti sirba arrabsoo godinicha aanaa Jaardagaa Jaartee irratti qophaa'e.
- ✓ Barruulee waajjirri aadaafi turizimii aanaa Jimmaa Gannatii qopheesse sakatta'eera.

Walumaagalatti walaloo sirbichaa ragaalee armaan olii sadan irraa walitti qabuun akkaataa qorannichaatti jechoota, gaalee, ciroo fi himoota unka agarsiisuu danda'an jala sararuun raga argamee qindeesseera. Haaluma kanaan hiika  walaloo sirba arrabsoo isaa fudhachuun akkaataa xiyyeeffannoo qorannoo koon xiinxaleera.

## 3.5. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu.

Qorannoon  kun  meeshaalee  odeeffannoon ittiin funaanaman afgaaffii fi ragaasakatta'uun odeeffannoo guurameera. Ragaalee kanas kaayyoo gooree qorannichaa bu'uura godhachuun, haala walitti dhufeenya qabaniin walitti fiduun qindaa'eera. Tokkoon tokkoo isaaniis  unkaa fi hiikaan  adda baasuun xiinxaleera. Ragaalee kanas  mala ibsaa akkamtaatiin haala ifa ta'een dhiyaateera.Walummaagalattii sirba arrabsoo yeroo cidhaa  akkaataa unka isaanii fi hiika qabaataniin argannoo oddeeffannoo fi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun qoqqooduu,hiikuu fi akkaata walitti dhufeenya isaaniin  xiinxaluun ibseera.

## BOQONNAA AFUR: XIINXALA  RAGAALEE

### 4.1. Seensa

Qorannoon kun sirba arrabsoo yeroo gaa'elaa keessatti  unkaa fi hiika  caasaa afaanii xiinxaleera. Arrabsoon akka godina kanaatti qaama gammachuu ta'ee waan fudhatamuuf hawaasa biratti fudhatamummaan isaa guddaadha. Haaluma kana irraa ka'uun od-himtoota garagaraa gargaaramuun odeeffannoo dokumeentii sakatta'uun fi afgaaffii  walitti qabameen unkaafi hiika agarsiisaniin qindaa'eera. Hayyoonni xiinqooqaa hujoo hedduun isaanii afaan irratti saayinsii ammayyaa fayyadamuun,caasaa afaanii bakka adda addaatti qooduun ibsamu akka qaban ibsu (Chomsky,2002). Haaluma kanaan unka sirba arrabsoo kan jedhuu bifa caasaa afaanii sirbi kun qabu haangam seera afaanii akka eegee jiruu unka dhamsagaa, jechaa,gaalee, himaa faa xiinxaluun ifa baasuudha. Hiikni immoo sirba kana keessattii hiika hammattuu, faallaa, dursaa, tajaajilaa faa addaan baasuun xiinxalamera.

### 4.2. Unka Walaloo Sirba Arrabsoo Yeroo Cidhaa

Unki caasaa afaan tokko bifaan ykn seera beekamaan dhamsaga, jechoota, gaalee fi ciroo irraan mul'achuu danda'a. Kanaafuu, walaloo sirba arrabsoo keessatti haala baramaa fi baramaa hin taaneen akka yeedaloo barbaadamu eeguu danda'uun unka isaa jijjiiree mul'achuu waan danda'uuf xiinxalamuu qaba.  Unki caasaa afaanii sirba arrabsoo keessatti argamuu danda'u; unka dhamsagaa, latiilee, gaaleewwanii, ciroofi himoota ta'uu akka danda'a. Haaluma kanaan unka caasaa afaanii walaloon sirba arrabsoo qabu xiinxalameera.

#### 4.1.1. Unka Dhamsagaa

Unka sagalee jechootaa fi himoota sirba arrabsoo keessa jiran keessaa kanneen haala adda ta'een tajaajilan ykn amala addaa agarsiisan xiinxaluun dhiyaatedha.Hiriira unka dhamsagootaa sirbicha keessatti mul'atan.

1. Fuula kee ilaaleen jaldeessan se'e
   Kun ilka hintaatuu kokorsituudha
   Kun dhirsa hintaatu qancarsistuudha.
   Yaa gundoo golboo maxxana geenshee
   Yaa guddoo horfoo maattiina geese?
   Irra ishee ilaallaan shurrubbaan dasa

Jala ishee ilaallaan durbummaan tasa. (Od-himaa Q M)

Raga armaan olii irraa akka hubatamutti,jechoota [jaldeessa],[ilka], [kokorsituu], [dhirsa], [qancarsituu], [gundoo],golboo],[horfoo] fi [durbummaa] kan jedhaman dhamsagoota garaa garaa wajjin ijaaramuun irra butaa uumanii jiru. Afaan Oromoo keessatti sirni unka dhamsagaa akkasii gidduutti malee jalqabaa fi dhuma jechaa irratti hin mul'atu(Addunyaa 2014,f.17-18)

[jaldeessa]
[ilka] → /ld/ ,/lk/,/ lb/
[golboo]

[kokorsituu]
[dhirsa] → /rs/, /rs/, /rf/, /rb/
[horfoo]
[durbummaa]

[qancarsituu]
[gundoo] → /nc/,/nd/

Dhamsagoonni armaan olitti argisiifaman /l/ 'n dhamsaga /d,k,b/, /r/'n immoo dhamsaga /r,f,b/ fi /n/'n /c,d/ gama duraan wal faanommii agarsiisaniiru. Sababni isaa immoo unka irra butaa uumuufidha. Dhamsagoonni yemmuu irra butaa uuman seera hordofan qabu. Kunis haalaa fi bakka uumama isaaniitiin ta'a. Haaluma kanaan dhamsagoonni haalaa fi bakka uumaman walitti siqeenya qaban walfaana hiriiruun irra butaa kana uumuu jechuudha. Fakkeenyaaf jecha [jaldeessa] jedhu yoo fudhanne /ld/ arganna. /l/'n amala irgee,cinee,xiixaa dha, /d/'n immoo irgee,cufaa, xiixaa dha. Dhamsagoonni kun lamaan amala lamaan walfakkaatanii amala tokkoon immoo garaagarummaa agarsiisu. Lamaan isaanii iyyuu 'irga' irratti kan uumamanii fi xiixaa ykn qooqa qabeessadha. Haata'u malee 'cinee' fi 'cufaa' ta'uun garaagara. Kanaafuu sagalee walitti dhiyaatu waan qabaniif walfaana galanii mul'atu jechuudha. Walaloo sirba arrabsoo kana keessatti unki dhamsagaa kun seera baramaa eeguun kan jiruu ta'uun xiinxalameera.

- Unka firoommii dhamsagoota Afaan Oromoo ragaa armaan gadii keessatti haa ilaallu.

2. Yaadaakuu garbuu natti hin addaannee
Siif daakee kennuun natti hin fakkaanne
Siif toshee kennuun natti hin fakkaanne(od-himaa BA)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti, [addaanne]fi [fakkaanne] jechoonni jedhaman firoommi dhamsagootaan inni tokko eenyummaa isaa gadi dhiisuun isa tokkotti firoomeera.

[addaanne] → {ad-} + {-aat-} → {adaat-} + /-ne/ → /t/ +/n/ → /tn/ → /nn/

[fakkaanne] → {fak-} + {aat-} → {fakkaat-} +/-ne/ → /t/ +/n/ → /tn/ → /nn/

Haaluma kanaan /t/ ‘n guutummaan eenyummaa ishee gadi dhiisuu gara dhamsaga /n/ tti of jijjiirtee jirti jechuudha. Kanaafuu unki isaa jijjiiramuun seera afaanichaa agarsiisuun ibsameera.

- Sagaleewwan Afaan Oromoo tajaajila duraan qabaniin alatti amala biraa dabalachuun tajaajila dabalataa kennuun ni mul’atu.

3. Hawaarey$^{w}$oo hamaamoteen dhuftee
Hawaarey$^{w}$oo karaa kam dhuftee
Hawaarey$^{w}$oo karaa harbichaa
Hawaarey$^{w}$oo maal fiddee dhuftee
Hawaarey$^{w}$oo hambaa garbichaa (od-himaa I X )

Walaloo armaan olii keessatti amala sagalee hidheessuun tajaajila duraan qaban irratti dabalataan agarsiisuun mallattoo /y$^{w}$/gargaaramuun addaan baasuun agarsiisuuf yaalameera. Haaluma kanaan /y/n sagalee dubbii yoo ta’u,/$^{w}$/n immoo amala sagalee hidhii akka dabalataatti fudhachuun sagalicha bakka bu’uun tajaajila jechuudha. Kanaafuu walaloo sirbaa arrabsoo durbaa keessatti yemmuu afaaniinjedhamu sagaleen kun akka addaatti tajaajila dabalataa kan kennu ta’uunisaa xiinxalameera.

4. Baala baddeessaa dogoggomaaw$^{h}$oo
Maalitti beekta yaa tortoraaw$^{h}$oo
Gatii balbala soddomaaw$^{h}$oo (Od-himaa I X)

Waraabbii walaloo armaanolii keessatti sagaleen mul’atu amala sagaleen tokko sagalee duraan qabu irratti agarsiisuun sarara 1$^{ffaa}$ irratti jecha [soddomaw$^{h}$oo] jedhu keessatti mallattoo /w$^{h}$/ n agarsiifameera. /w/ n sagalee dubbii yoo agarsiisu, /h/ n immoo amala kokkee dabalchuun sagalicha bakka bu’uun tajaajila jechuudha.Walumaagalatti sirba arrabsoo kana keessatti sagaloonni muraasni unka addaa agarsiisuun tajaajila duraan qaban irrattii tajaajila dabalataa kan kennan ta’uu xiinxallii armaan olii irraa hubatameera.

#### 4.1.2. Unka  Jecha Walaloo Sirba Arrabsoo

Jechi bu'uura afaan tokkoo kan ta'e xiinqooqa yaasaa fi hormaataa kan hammatudha. Akka Addunyaan(2018) ibsutti,"Jechi unkaalee hiika tokkoo fi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'uu fi ofdanda'ee kan dhaabbatu ta'uu"(f.105)  ibseera. Ragaaarmaan gadii dhiyaate keessatti haala kamiin jechi unkaalee hiika tokkoo fi oliin akka mul'atu haa xiinxallu.

5. Obboleessi koo gingilchaa bitee na dowwachiisa
Obboleessi kee bisingaa lixee si gobsiisa
Gamatti ilaalee wayyeessaan se'e
Fuula kee ilaaleen jaldeessan se'e
Kun ilka hintaatuu kokorsituudha
Kun dhirsa hintaatu qancarsistuudha. (od-himaa X N)

**Gabatee 1. Jechoota unka tokkoo fi ol qaban muraasa**:

| Jecha | Unka | Hiika |
|---|---|---|
| Obboleessi | [Obboleessa] | Jecha maqaa |
| | {- i} | Matima mul'istuu |
| Daawwachiisa | [Daawwat] | Xumura |
| | {-chiisa} | Gochima taasisa |
| Gamatti | [Gama ] | Durduubee |
| | {-itti} | Murteessitu |
| Wayyeessaan | [Wayyeessa] | Jecha maqaa |
| | {-n} | Murteessitu |
| Kun | [Kun] | Murteessitu |

Sirba arrabsoo armaan olii fudhatame  keessatti unki jechootaa  tokkoo fi ol qabanii gabatee olii keessatti xiinxalameera. Fakkeenyaaf ykn immoo akka ifa ta'uuf:

Obboleessi   [obboleessa ] → unka jechaa maqaa agarsiisu
{i} → unka matima mul'istu
Daawwachiisa  [daawwat] → unka jecha gochimaa
{chiisa} → unka gochima taasisaa

Haaluma kanaan jecha [obboleessa],[daawwat] jedhaman walduraa duubaan maqaa fi gochima yemmuu agarsiisan, {i} fi{chiisa} immoo tajaajila matimaa fi gochima taasisaa agarsiisu.Kun immoo kan agarsiisuu sirba kana keessatti jechoonni unka biroo ofirraa qabaatanii sirbicha keessatti seera afaanii kan eegan ta’uudha. Kanaafuu kallattiin xiyyeeffannoo qorannoo kanaas unkootni jecha sirba kanaa haala kamiin akka mul’atan xiinxaluu waan ta’eef sana dhugoomsa jechuudha.

#### 4.1.2.1. Unka Latii walabaa

Haspelmath fi Spencer (2002) akka jedhanitti xiinlatiin qaama jecha isa xiqqaa dhaamsa dabarsuu danda’uu fi latiilee biroo hiika qabanitti addaan qoodamuu kan hin dandeenyedha. Xiinlatiin unka boca jechootaafi latiilee kanqo’atuudha.Latii walabaa jechuun immoo kan ofdanda’ee dhaabbatudha. Latiin walabaa jecha ofdanda’ee dhaabbatukan bakka bu’uta’uu isaa ragaa armaan gadii keessatti xiinxalameera.

6. Wayiluukoo walilaalla har’umooyyu
*Kaleessa* yoonoo walilaalla har’umooyyu
Kosiirra areeddaa walilaalla har’umooyyu
Har’a yoonammoo walilaalla har’umooyyu
Kofiin nu reebdaa walilaalla har’umooyyu
Yaa gurbaa miinjee walilaalla har’umooyyu
Yoo ati naatee walilaalla har’umooyyu
Natu sinyaatee walilaalla har’umooyyu (od-himaa L J)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti jechi sarara 2ffaa irraa[kaleessa] jedhu unka latii ofdanda’e jalatti ramadama. Haaluma kanaan sirba armaan olii keessatti jechi kun latii walabaa unka biraa ofirraa hin qabne seera baramaan dhiyaate jechuudha.Akkasumas latiin walabaa jecha of danda’ee dhaabbatu kan ilaallatudha. Bo’oon1ffaa keessatti ‘wayiluu koo walilaalla har’umayyuu’kan jedhu latiilee walabaa ofkeessaa qaba. Latiileen kunis [wayiluu],[ koo],[ ilaalla], kan jedhaman ta’uu. Latiin walabaa jecha ofdanda’e irraa ijaarame waan ta’eef qofaa isaa dhaabbatee yaadrimee bakka bu’u qaba.

Latiiwwan kanneen keessaa [walilaalla] kan jedhu unka haaraan dhiyaateera. Latiin [ilaalla] jedhu unka biraa {wal-} jedhu waliin walitti maxxanee akka jecha tokkootti dhiyaateera.

Kanaafuu sirba arrabsoo cidhaa keessatti latiileen walabaa unka haaraan kan mul'atan kan jiran ta'uu hubatameera.

**4.1.2.2.Unka Latii Hirkataa**

Akaakuu latii keessaa inni biraan latii hirkata jedhama. Latiileen hirkataa kunneen immoo latii uumamtee,hortee,dhokataafi hiika ykn unka tokkee kanjedhaman ta'u. Haaluma kanaan fufiileen kun sirba arrabsoo cidhaa keessatti haala kamiin akka hojiirra oolan xiinxalameera. Isaan keessaa latii uumamtee irraa eegala.Latii uumamtee jechuun kan hundee jechaatti maxxanuun garee jecha tokkoo jijjiiruun jecha biraa uumuudha.

7. Hortuu afaan bunaa yoo dhiiftee dhufte
   Ontuu siin jennaa ontuu gaaguraa (od-himaa T M)

Haaluma kanaan jechi [ Hore] +/tuu/ __[hortuu] {maqaa uumame},[One] +/tuu/ ___[ontuu] {maqaa uumame} ta'uu danda'a. Jechootni kun fufii/–t/ koorniyaa agarsiisuu fi /-uu/ maxxanfachuun gochima irraa gara maqaatti waan jijjiirameef latiin irra jiru kun latii uumamtee jedhama. Kanaafuu walaloon sirba arrabsoo jechoota yeroo fayyadamu seera afaanii eeguun unka haaraa uumee itti fayyadama jechuudha.

8. Hodhitee hinkeessu, kosiitti gatta
   Deessee hinguddiftu bultee gatatta
   Harreen dabarte galabaa isheetti
   Deessee gatatte mana abbaa isheetti
   Hodhituu qabee mutaan dacha'e
   Kennituu qarree offaan tarsa'e
   Yoo irraan gadee baala goommanaa
   Yaa jalaan oofee qaawwa sooyyomaa (od-himaa C B)

Sirba jedhu keessatti latilee garaagaraa ni mullatu isaan keessaa kan fufii uumamtee ofirraa qaban bo'oowwan*'Hodhituu qabee mutaan dacha'e*fi *Kennituu qarree offaan tarsa'e'*jedhaman yoo ilaalle jechi [hodhituu] jedhu [hodhe] fi /tuu/ kan jedhu irraa ijaarame.Jechi [hodhee] jedhu gochimaa ykn waan raawwatame tokko kan agarsiisu yemmuu ta'u fufiin /tuu/n immoo jecha xumura ta'e, kana gara maqaatti jijjiire. Kanaafuu latii maqeessituu jedhamti. Haaluma kanaan bo'oo itti aanuu keessattis jecha [kennituu] jedhu yoo fudhanne [kenne] kan jedhuu fi fufii /ituu/ irraa kan ijaarame yemmuu ta'u [kenne]n xumura ykn gochimaa ta'uu hubanna.

fufii/t/ koorniyaa dubaraa fi/uu/ kan jedhu immoo kan xumura gara maqaatti jijjiiredha.Kanaafuu latii uumamtee ta'a jechuudha. Yaada kana irraa akka hubannutti jechoonni sirba arrabsoo cidhaa ijaaran fufii uumamtee gargaaramuun unka jechaa jijjiiruun ergaa akka dabarsu xiinxalameera. Yaasaan adeemsaa jechoonni baay'inaan ittiin uumaman ta'ee latiilee uumamtee gochimeessituu, maqeessituu fi maqibseessitootti dhimma baha.

9. Haroo tujubaa jajjabaa leensaa
Atoo suutuma kan jajan eessa?
Iji ballaadha lukti jallaadha
Tafkii okkoltuu hundumaa hintoltu.
Kabeelaa buttee maal fuudha dhufte. (od-himaa D M)

Sirba arrabsoo kana keessatti jechoonni bo'oo 4^ffaa^ fi 5^ffaa^ irratti mul'atan [okkoltuu] kan jedhu [okkole] /–tuu/ kan jedhu irraa ijaaraman. Haaluma kanaan bo'oo 5^ffaa^ keessatti 'fuudhaa' kan jedhu [fuudhe] / –aa/ irraa ijaarame.

Okkoltuu → { [okkole] ------- gochima ; [ -tuu]--------maqeessituu }
Fuudhaa → { [fuudhe]-----gochima ; /-aa/----------maqeessituu }

Walumaagalatti unkoota armaan olii irraa kan hubatamuu jechoonni yaasaan uumaman unkoota uumamtee adda adda maxxanfachuun kan ijaaramanta'uu agarsiisu.Kanaafuu sirba arrabsoo keessatti jechoota unka baramaa qaban irraa haala kanaan unka biraa uumuun kan itti gargaaraman ta'uu fakkeenya sirba arrabsoo armaan olii keessatti xiinxalameera.Latii biraan ittiaanee dhufu immoo horteedha.Latii hortee jechuun latiilee hundee jechaa irratti fufamuun otuu garee isaa hin jijjiiriin ergaa dabalataa kennuun kan tajaajiludha.

10. Yoo Qal'aa furdistee xinnaa guddistee
Sayyuu siin jenna sayyuu isheeguddoo sitti marmaarra
Yoo kana dhiiste faalloo siin jenna faalloo ishee cabduu sitti waraabna
Shakshakaa buqqee hofcii shaakittaa
Heerume seetee saksakaa dhuftee aayyoof daakittaa
Siiqqee kee qulbaa maaldhadhaabbattatoo
Yaagurbaa miinjee
Miinjeenkee ulfaa

Maal sassaalfata atoo ( od-himaa A K)

Walaloo sirba jedhu keessatti jechi [furdise] jedhu dura maqibsii irraa kan dhufedha. Hundeen isaa {furd-} + /ise/ kan jedhu yoo ta'e,maqibsiitu xumura uume jedhama. Haata'u malee garuu yoo hundeen isaa [Furdis-]+/tee/irraa kan ijaarame ta'e garuu xumuratu horsiifame malee gareen biraan hin uumamne. Haaluma kanaan jechi [guddiste] jedhus [guddis] +/tee/ irraa ijaaramuun xumura horsiifame agarsiisa. Gama biraan immoo [Siin] kan jedhu ramaddii 2ffaa [Ati] jedhu akka gochimaatti gargaarameera. [Sitti] kan jedhu [Si ]+/-tti/ irraa ijaaramuun bamaqaa fi durduubee agarsiisu.[ Ishee] - ramaddii 3ffaa qeenxee koorniyaa dubaraa agarsiisun tajaajilti. Yaada kana irraa kan hubatamu fufiileen agarsiifaman hundinuu jechoota sana horsiisuuf dhufan malee garee jecha biraatti hin jijjiiramne.Garuu unki jechichaa jijjiirameera. Kanaafuu sirba aarrabsookeessatti unka afaanii kana fayyadamuun jechoota seera isaanii eeguun horsiisee itti fayyadama jechuudha.

#### 4.1.2.3. Latiilee Unka Tokkeefi Hiiktokkee

Latiile unkaan adda ta'ani hiikaan tokko ta'an agarsiisan latii hiiktokkee jedhamu. Latiileen jechoota adda irratti fufamuun bifa adda adda qabaatanii kan tajaajilli isaanii immoo tokko ta'e, latii hiiktokkee jedhamu.

11. Atoo suutuma kan jajan eessa?
Ijji ballaadha lukti jallaadha
Tafkii okkoltuu hundumaa hintoltu.
Kabeelaa buttee maal fuudhaa dhufte.(od-himaa T M)

Bo'oo walaloo sirba kanaa 2ffaa irratti *'ijji balladha lukti jallaadha'* fufiin[ ijji] jedhu irraa /–i/ fi [lukti] kan jedhu irraa /–ti/ n unkaan garaagara hiikaan lamaan isaanii fufii mathima mul'istuu ta'uun tajaajilu. Kanaafuu sirba arrabsoo kana keessatti jechoonni unka adda addaa qaban hiika tokkee agarsiisuun haala addaan kan ibsaman ta'uunsaa xiinxalameera.

12. Ulee lookoo hin laadhu balbala obbookoo
Ulee lookoo hin laadhu balbala obbookoo
Uraa gindii jalaa uramtittii kanaaf hin laadhu balbala obbookoo
Uraa gindii baachuu uramtittii laattuuf hin laadhu balbala obbookoo
Madda : ragaa 001 irraa

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessaa bo'oo 3ffaa irratti [uraa gundii],[jala uramtittii] kan jedhan kana lamaan irratti unki bifa garaagaraan maxxanuun hiika tokkoof dhaabbatte {i},{ttii} kan jedhaman ergaan isaanii waa murteessuuf kan galanidha.

[uraa gindii] → [uraa gindi] → gaalee maqaati
{-i } murteessituu →
[jala uramtittii] → [jala uramti] → gaalee durduubee
{ -ttii} murteessituu →

Walumaagalatti sirba kana keessatti latiileen unkaa garaagaraa qabaatanii hiika tokko kan agarsiisan mul'achuu isaanii xiinxala armaan olii irraa hubatama.

Latii hirkataa unkaan walfakkaatanii hiikaan adda ta'an latii unka tokkee jedhamu. Latiiwwan akkasii kun sirba arrabsoo cidhaa keessatti ni mul'atu.

13. Kun ilka hintaatuu kokorsituudha
Kun dhirsa hintaatuu qancarsistuudha.
Yaa gundoo golboo maxxana geenshee
Yaa guddoo horfoo maattiin as geese?( od-himaa A K)

Sirba arrabsoo kana keessatti jechoonni jala sararaman latiilee unkaan tokko ta'anii hiikaan addaa ta'an kan agarsiisudha. Fufiin jecha [hintaatuu]jedhu irraa /–tuu/, jecha [korkorsituu]jedhu irraa/-tuu/ jedhaman unkaan kan walfakkaatan yoo ta'an iyyuu tajaajilli isaanii adda addadha. Garaagarummaan kunis yoo xiinxalamu kan armaan gadii ta'a.

- ✓ [Hintaatuu]unki fufiin /–tuu/ jedhu yaada hi'eenta hin jedhu agarsiisuuf gale.
- ✓ [Korkorsituu] unki fufii /–tuu/ jedhu immoo xumura irraa xumura biraa uumuuf gale.

Kanaafuuxiinxalaarmaan olii irratti latiileen unka tokkoo qabaatanii hiikaan immoo garaagarummaa agarsiisan sirba kana keessa kan jiran ta'uu xiinxalli olii ni mul'isa.

14. Sii biqilaaree
Bor asheetaaree
Sii jirbuu shooshee
Baala cilaatti
Isa hagdu gootee maal na ilaalti ( od-himaa SH R)

Walaloo armaan olii keessaa [cilaatti],[ilaalti] kan jedhu keessatti unkoonni {-ti},{-ti}itti maxxananii jiran bifaan walfakkaatanii hiikaan garuu adda adda dha.

[cilaatti] → [cilaat] → hundee maqaati

{-ti} → unka qaama maqaa sanaa ta'edha.

[ilaalti] → [ilaal] → hundee gochimaati

{-ti} → ramaddii 3ffa ishee agarsiisa.

Kanaafuu walaloo sirba arrabsoo keessatti unka tokkoon hiika garaagaraa dhiyeessuun ni danda'ama jechuudha.

#### 4.1.2.4. Latii Dhokataa

Latii hirkataa keessaatti latiileen unkaan hin mul'anne ni jiru. Haaluma kanaan sirba arrabsoo keessattis yaadni otuu unki isaa hin mul'atiin darbu jira. Walaloon sirbi arrabsoo kun irra caalaa unka mat-himaa bifa dhokataan agarsiisa. Sababni isaa sirbi kun bakka hundatti unka walfakkatuun dhiyaata waan ta'eef garagarummaa akka hin agarsiisneefidha jechuun ibseera.

15. Shawaa nagaddee wal ilaalla har'umooyyu [Ati]
 Qobboo falaxxee wal ilaalla har'umooyyu [Ati] (od-himaa SH R)

Walaloo sirba arrabsoo olii keessatti namni sirbi kun sirbameef dhokataan jira malee unkaan hin mullatu. Kanaafuu ,sirba kana keessatti himoota jiran keessaan unki caasaa afaanii bifaan mul'achuu haa dhiisu malee keessa beekumsaan jira jechuudha. Himoota lamaan iyyuu keessatti namni wa'een isaa dubbatamu [Ati] kan jedhamu ta'uun unki nutti agarsiisu hinjiru. Kunis afaan dubbii keessatti salphaatti hubatama. Kanaafuu unki dhokataan kun karaa baramaa hintaaneen matihima mul'isee jira.

16. Kolol yaahiddii
 Kan goodaa buutu
 Buutillee hinseenee
 Ajab yaagiddi yaaseera soda
 Kan kun nufuutu
 Nufuuti hinseene
 Nufuudhuu dhiisii
 Yaaddillee hinseene (od-himaa D M)

Sirba arrabsoo kana keessatti immo yaadni ifaan unki isaa mul'atee hin jiru;haaluma kanaan unka dhokataan mul'atee jira .'Kan kun nufuutu' kan jedhu keessatti waanti dhokataan [kun] kan jedhu eenyuun agarsiisa yoo jenne soddaa fuudha dhufe sana agarsiisa. Garuu akka ulaagaa

matimaatti galee hinjiru. Bo'oo 6ffaa irratti immoo 'Nu fuuti hin seene' kan jedhu fudhannee yemmuu ilaallu abbaan dhimmaa unkaan hin mul'anne ykn eenyuuf akka jedhamuu waanti agarsiisu hin jiru. As keessatti [nu] kan jedhu irraawwatama malee mat-hima miti. Haata'u malee yaada keenyaan koorniyaa dubaraan [Ishee] kan jedhu akka agarsiisee jiru hubatamaadha. [Ishee] kan jedhuun kan bakka bu'e immoo akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame soddaa fuudhaaf dhufedha. Kunis sirba arrabsoo waan ta'eef korniyaa isaa jijjiirte dubarri arrabsiti jechuudha.Kanaafuu sirba arrabsoo keessatti unki koorniyaa ulaagaa eegee akka seeraa baramaatti kan hin mul'anne ta'uu xiinxalameera.

### 4.1.2.5. Unka Jechoota walaloo Sirba Arrabsoo Keessatti Uumaman

Sirba arrabsoo durbaa keessattii ergaa keenya bifa seeraa fi qixa qabuun dabarfachuuf jechoota bifa garaagaraan uumuun itti gargaaramna. Addunyaa (2012)akka ibsutti; "Jechoonni adeemsa yaasaan, suphuun, diigalaan fi gabaajeen uumamuu danda'u'' (f.143) jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti jechoonni sirba keessatti itti fayyadamnus adeemsa uumama kana hordofuun kan uumaman jiru jechuudha. Isaan olii keessaa suphuu fi diigalaan jechoota unka haaraa uumanidha. Unka jechoonni haaraan ittiin uumaman keessaa tokko Suphuun ta'a.

17. Yaa hiddiihoo baalashee
Yaa Gaaddisee hoo baalagee
Mukarbaa dooluu
Yaa baala hancootee
Wayyoo Gaaddisee
Sitti horfaa ooluu
Yaa galamoote ( Od-himaa Q M )

Sirba arrabsoo armaan olii keessatti jechoonni suphamuun uumaman [hiddiihoo],[ mukarbaa] fi [sitti]kan jedhaman yemmuu ta'an; {hiddii} /-hoo/,{muk}- {arbaa},/si/-{itti} kan suphame sun diddiriiree mul'ata jechuudha. Kanaafuu jechoonni yemmuu uumaman adeemsa ergaa darbuu barbaade eeguun walitti suphamuun ijaaramu kan danda'anidha. Unka jechoonni kun otuu walitti hin maxaniin qaban kan baramaa ta'e sana haala addaan immoo adeemsa yeedaloo sirba dhiyaate sanaa miidhagaa taasisuuf gargaaru kan fayyadame ta'uu isaatu xiinxalameera.

18. Ya jabbi dhootuu wal ilaalla har'umooyyu
Yaa cagginooftuu wal ilaalla har'umooyyu
Yaa jaarsa gadaa wal ilaalla har'umooyyu
Dhaabatee hagaa wal ilaalla har'umooyyu
Taa'ee fincaa'aa wal ilaalla har'umooyyu (raga 003 irraa)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti jechi [har'umooyyu] jedhuu jechoota {har'uma}fi {iyyuu}jedhaman walitti suphuun uumamee jira.{Har'uma}+{iyyuu} =har'uma iyyuu [har'umooyyu] kan jedhu uumee jira. Adeemsa kana keessatti /a/ fi /i/ lamaan isaanii iddoo gadhiisuun sagalee /oo/jedhuun bakka buufamaniiru. Akkuma armaan olitti xiinxalamuuf yaalame sirbi kunjechoota unka garaagaaraa qaban walitti suphuun karaa baramaa hin taaneen itti dhimma baha jechuudha.Unka jechoonni ittiin uumaman keessaa tokko diigaladha. Diigalli ykn tishoon jechoonni of danda'anii dhaabbatan lama walitti dhufuun ergaa hiika tokkoo kan dabarsanidha.

19. Maalitti beekta yaa tortoraawoo
Gatiibalbala soddomaawoo
Uleeharbuu beenuu darbi
Soddee dhalli kee gadi haadarbu (od-himaa S B)

Sirba arrabsoo kana keessatti jechoonni jala sararaman tishoomuun kan ijaaramanidha.Isaanis [gatii balabalaa] fi [ulee harbuu] kanjedhaman ta'uu danda'u. Jechi kun jechoota lama irraa ijaaramuun kan hiika tokkoofdhaabbatanidha.[Gatii balabalaa] jechuun kan gurbaan fuudha dhufe tokko kanneen balbala qabataniif kennudha; [ulee harbuu] jechuun immoo qabannaa muka harbuu jedhu irraa tolfamedha. Kanaafuu jechoonni sirba arrabsoo cidhaa keessatti unka dheeraa bifa addaa qabaachun kan mul'atan ta'uun xiinxalameera.

#### 4.1.2.6. Unka Jechoota Ergisaa

Jecha ergisaa jechuun kan afaan tokko keessa hinjirree afaan biroo keessa madaqsuun itti fayyadamuudha.

20. Ati hoo kokobee kopheetu si sobe
Ati hoo *diqaalaa* natoo si caala (od-himaa D M)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti jechi *diqaalaa* jedhu jecha afaan amaaraa irraa fudhatamedha. Akkaataa galumsa bakka kanaa qabutti kan manatti hin dhalanne bakka biraatii

kan dhufe ta’uu agarsiisuu fidha. Kanaafuu unka afaan kanaaf ta’utti qajeelfamuun unka dheeraa /aa/ itti dabaluun dhimma bahameera. Unki kun immoo unka baramaa afaan keessa dhufe keessatti qabuun otuu hin taane kan baramaa hintaane afaan ergifateen dhiyaateera

21. Kun hodhaa miti faranjiitu erbe
Kun soddaa miti daggaamiitu erge (Od-himaa Q M )

Walaloo armaan olii keessatti jechi [daggaamii] jedhu unka jecha ergisaa agarsiisuun dhiyaateera. Kunis akkataa seera caasaa afaan Oromoo guutuun unka jijjiirratee dhiyaateera jechuudha. Kanaafuu sirbi arrabsoo jechoota baramaa hin taane unka isaanii jijjiiruun itti gargaaramu jechuudha.

22. Siisabaan dheessaa beenu sin geessaa biyya bineensaa
Ulee ulmaayii naaf murti seete hin qabatiinoo
Hintalli abbaako afaan haadhakee fi tosha aayyooketti
Intalli leencaa naaf bulti seetee hin dhama’iinoo
Yadheeraa jigaa kajeellaaf siqaa
Yadheeraa shirrii yaleebaa birrii
Madda: Raga 003 irraa

Walaloo armaan olii bo’oo 6ffaa irratti ‘Yadheeraa shirrii yaleebaa birrii’kan jedhu keessatti [yaleebaa birrii] ‘n jechuun unka afaan biraa keessa jiru akka afaan kana keessatti mijatuuf jijjiiruun dhimma itti bahameera. Jechi kun afaan Oromoo keessaa dhabamee otuu hin taane ergaa darbu sanumma miidhagsuuf, walaloon sun akka walsimatu taasisuf kan dhimma itti bahamedha.

#### 4.1.2.7.Unka Sagalee Uumamaa

Unka sagalee uumamaa jechuun waanti tokko sagalee inni dhageessisu irratti hundaa’uun hiika kennamudha.

23. Shakshakaa buqqee hofcii shaakittaa
Heerume seetee saksakaa dhuftee aayyoof daakittaa

Walaloo armaan olii keessatti jechoonni [shakshakaa],[shaakkittaa],[saksakaa] jedhaman akkaataa sagalee waanti sun dhageessisu irratti hundaa’uun kan hiika kennanidha.[Shakshakaan] sagalee yeroo waan tokko tumamu dhageessifamu ,[shaakkittaan] immoo sagalee yeroo hofciin daaku dhagahamudha akkasumas [saksakaan] sagalee namni ariifatee deemu dhageessisudha.

Kanaafuu unkoonni isaanii sagalee uumamaa isaanii wajjin walfakkaata jechuudha.sirbi arrabsoo kunis immoo waantoota hawaasa keessatti raawwataman sochii fi sagalee raawwii isaaniin akkeessuun unka haaraa uumee itti dhimma baheera jechuudha.

24. Ballaan kee argaaree haqaaqii ilaali
Karaa ciisakee falaxaa naqii
Daaraa daarittii karaa jaamaa kee
Hallayyaa dhaqii tamaattamiiti (od-himaa T Dh)

Walaloo armaan olii keessatti jechi [tamattamii] jedhu gochaa deemsaa nama ijji isaa hin argine taasisuun kan walfakkaatudha. Kun immoo unka uumama sagalee gargaaramuun yeroo walaloo sirbaa kanaa sirban dhimma itti bahamuu kan agarsiisudha. Kanaafuu sirbi arrabsoo unka jecha sagalee uumamaan argame ofkeessatti qabatee kan jiru ta'uu xiinxalameera.

### 4.1.3.Unka Gaalee Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa

Unka gaalee kan jennu caasaa himaa keessa tokko kan ta'edha."Dhamsagoonnii fi birsagoonni walitti qindaa'anii jecha Uumu, jechoonni walitti dhufanii gaalee uumu, gaaleen qindaa'ee hima uuma"(Addunyaa, 2006). Kanaafuu, gaaleen caasaa himaa keessaa tokko ta'ee gosoota garagaraa kan qabudha. Gosootni gaalee kunimmoo gaalee maqaa ,addeessaa,gochimaa fi durduubee ta'uunsirba arrabsoo kana keessatti mul'atu.

#### 4.1.3.1. Unka Gaalee Maqaa

Gaalee maqaa jechuun gaalee mataan isaa maqaa ta'edha. Sirba arrabsoo cidhaa keessatti gaaleen maqaa unkoota garaagaraan mul'achuu danda'a.Robart,et.al(2001) akka ibsanitti, "The head of NP can be common noun,pronoun or proper name,demonistrative or quantifiers"(f.94) jedhu. Akka yaada armaan oliitti mataan gaalee maqaa;maqaa,bamaqaafimaqaalee waanta kokko agarsiisan ta'uu danda'a. Sirbi arrabsoo kun unka gaalee maqaa miiltoo maqaafi murteessituu ofirraa qaban irraa kan ijaaraman hedduminaan ofkeessatti hammatee jira.

25. Gundoo booree eenyu abbaan dhuftee fuutuu
Gundoo addooyyee eenyu abbaan dhuftee fuutuu
Baddaa horroo saani hinjiruu fardeen malee.
Madda: Ragaa 002 irraa

Himoota sirba arrabsoo armaan olii keessatti kan jala sararame gaalee maqaadha. Gaaleen kunis unka maqaa fi maqaa irraa kan ijaaramedha. Jechoonni gaalee kana ijaaran ‘gundoo, booree, addooyyee, baddaa fi horroo’kan jedhaman hundi isaanii iyyuu maqaadha.

- Gundoo (maqaa) +booree(maqaa) =[gundoo booree] (gaalee maqaa)
- Gundoo (maqaa) +addooyyee(maqaa)=[gundoo addooyyee] (gaalee maqaa)
- Baddaa (maqaa) +horroo(maqaa) =[baddaa horroo] (gaalee maqaa)

Gundo booree (GM) gundoo addooyyee(GM)

Mataa Miiltoo mataa miiltoo

Maqaa Maqaa maqaa maqaa

Xiinxala armaan olii irratti sirbi arrabsoo unka gaalee maqaa hedduminaan fayyadamee ergaa isaa dabarsu ta’uudha. Haata’umalee unki gaalee maqaa mul’atu kan maqaa fi maqaa irraa ijaaramu qofaa miti. Ragaa itti aanu kana haa ilaallu.

26. Mana keenya illee boojjitoon lama
Seqqootiin sadii
Mana keessan ejjituun lama
Harmee keen sadii. (od-himaa C S)

Sirba kana keessatti immoo gaaleen maqaa bifa biraan mul’ate‘[mana keenya] , [mana keessan]kan jedhaman unki isaanii yemmuu xiinxalamu;

- Mana (Maqaa) + keenya (Murteessituu)=[mana keenya] (gaalee maqaa)
- Mana (Maqaa) + keessa (Murteessituu) =[mana keessa] (gaalee maqaa)

Sirba kana keessatti unkoonni gaalee maqaa ijaaran gareewwan jechoota adda adda kan ofkeessatti qabate ta’uu xiinxalameera.

### 4.1.3.2. Unka Gaalee Addeessaa

Unki gaalee addeessaa sirba arrabsoo keessatti bifa ittiin mullatu qaba. Gaaleen kunis mataan isaa maqibsiidha(Addunyaa ,2012). Haaluma kanaan caasaa gaaleen maqibsi raga armaan gadii keessatti ilaalameera.

27. [Hojjaa dheeratta] akka baddeessaa
Garaa guddata akka jaldeessaa
[Gabaabduu dinkii] arrabduu distii

Daaraan margaaree facaasii ilaali

Ballaan kee argaaree haqaaqii ilaali


Karaa ciisakee falaxaa naqii

Daaraa daaritti karaa jaamaa kee

Hallayyaa dhaqii tamaattamiiti (Od-himaa Q M )

Sirba arrabsoo keessaa bo’oowwan walaloo fudhataman kun gaalee addeessaa ofkeessaa qabu. Bo’oo $2^{ffaa}$ fi $3^{ffaa}$ keessatti [gabaabduu dinkii] , [hojjaa dheerattaa ] kan jedhaman unka /Ad./ + /Ad./’n kan agarsiifaman ta’uu xiinxalamera. Kanaafuu unka sirba arrabsoo keessatti kanneen gaalee ibsa maqaa agarsiisan ijaaramanii kan jiran ta’uu hubatameera.

Gama biraan immoo gaalee [hojjaa dheerattaa] kan jedhu unki isaa;




**4.1.3.3. Unka Gaalee Durduubee**

Addunyaan (2012) irratti akka ibsutti,“Akkuma maqaa fi maqibsii durduubeenis miseensota garaagaraa ofitti fudhachuun gaaleesaa ijaarrata.Kanaafis mataan durduubeedha.’’ (f.224)jedha. yaada kan irraa akka hubatamutti gaaleen durduubee ofii mataa ta’uun miiltoowwan garaagaraa maxxanfachuun kan ofijaaruu waan ta’eef sirba arrabsoo cidhaa keessattis unkoonni akkanaa nimullatu jechuudha.

28. Hojjaa dheeratta akka baddeessaa

Garaa guddata akka jaldeessaa (Od-himaa Q M )

Himootni armaan olii sirba kana keessatti kan argaman bo’oowwan lamaan kana irratti ‘[akka baddeessaa]’,’[akka jaldeessaa]’ kan jedhaman keessatti mataa ta’ee kan galee /akka/ kan jedhu waan ta’eef inni immoo gareen isaa durduubeedha. Kunis gaalee durduubee ta’uuisaa kan agarsiisudha. Kanaafuu sirbi kun aadaa oromoo keessatti yeroo dheeraan dura jedhamaa yoo ture iyyuu unka xiinqooqa ammayyaa kan ofkeessaa qabudha.

29. Manni warrakoo irri qorqoorroo jalli boqqolloo

Manni warra kee irri sooyyoma Jalli foon namaa

Kun hodhaa miti faranjiitu erbe

Kun soddaa miti dagaamiitu erge

Akkuuyyee akkuuyyee araddaa kuullee

Faayaan ergite tokkollee hinguunne

Abaaboo jaree hamaamonni kee

Handaaqqoofi saree

Dhugduu calalii Fudhuu cala‟ii (od-himaa A K)

Sirba kan keessatti gaaleewwan durduubee ni mullatu. Fakkeenyaaf, bo’oo 1ffaa fi 2ffaa fudhannee yoo ilaalle [irri qorqoorroo], [jalli boqqolloo], [irri soyyoma]’ kan jedhu keessatti unka/DD/+/M/tumul’ata.*‘irri’,’jalli’*kan jedhaman durduubeedha;*qorqoorro,boqqolloo,soyyoma’* kan jedhaman immoo maqaadha.

- Irri (durduubee) +qorqoorroo(maqaa)=[irri qorqoorroo](gaalee durduubee)
- Jalli (durduubee)+boqolloo (maqaa)=[jalli boqqolloo] (gaalee durduubee)


Kanaafuu sirba arrabsoo kana keessatti unka gaalee durduubee haala kanaan mul’atee akka jiru xiinxalameera.

30. Kan [har’a boossu] walilaalla har’umayyuu
[Kaleessa yoonaa] walilaalla har’umiyyuu
[Kosiirra] arreeddaa walilaalla har’umayyuu
[Har’a yoona] immoo walilaalla har’umayyuu

Madda:Ragaa 002 irraa

Walaloo armaan olii keessatti gaaleen durduubee,[har’a boossu] , [Kaleessa yoonaa] ,[Kosiirra], [Har’a yoona] jedhaman kan jiran ta’uu hubatama. Gaalee kana keessatti mataa ta’ee kan gale durduubaawwan {har’a}, {kaleessa} fi {irra} ta’u. Kanaafuu caasaan gaalee kanaa unka isaa eeggachuun mul’ateera.

Unka caasessoo isaa [kosiirra] haa ilaallu



Caattoo armaan olii irratti [kosii] fi [irraa] kan jedhaman unka gaalee durduubee ijaaruun walfaana dhufan ta'uun hubatameera.

### 4.1.3.4. Unka Gaalee Gochimaa

Gochimni ykn xumurri mataa ta'e yoo mullate gaalee gochimaa jedhama. Unki gaalee gochimaa bo'oowwan sirba arrabsoo cidhaa keessatti gara dhumaa irratti mullachuun ergaa tokko akka darbuu taasisu. Hima tokko keessatti yemmuu mul'atanis miiltoon isaanii gaaleewwan biroo ta'uu danda'a(Addunyaa,2012).

31. Asiin olkarra
Takkaan siqaala
Yoo moori hamaate
Siin dooraa nyaate (od-himaa Sh R)

Haaluma walfakkaatuun unki gaalee gochimaas sirba arrabsoo keessatti kan mullatu 'moorri hammate, doora nyaate ' kan jedhamaniin kan agarsiisame ta'uu fakkeenyi armaan olii agarsiiseera. Dabalataanis raga itti aanuu kana haa ilaallu

| | |
|---|---|
| 32. Obboleessi koo gingilchaa bitee na dowwachiisa | / M+Goch./ |
| Obboleessi kee bisingaa lixee si gobsiisa | / M+Goch./ |
| Gamatti ilaalee wayyeessaan se'e | / Gdd +Goch./ |
| Fuula kee ilaaleen jaldeessan se'e | /Gdd+Goch./ |
| Kun ilka hintaatuu kokorsituudha | / M+Goch./ |
| Kun dhirsa hintaatu qancarsistuudha. | / M+Goch./ |

Madda :*raga 003 irraa*

Walaloo sirba arrabsoo kanaa keessatti immoo kan jala sararame gaalee gochimaa agarsiisa. Unka bo'oo 1ffaa irratti mul'atu akka fakkeenyaatti yoo xiinxallee ilaalle [*gingilchaa bitee], [na daawwachiisa]*kan jedhaman gaalee gochimaa lamatu jira. Unki isaanis /M+Goch./ fi /M+Goch./'n mul'atu jechuudha. Garuu bo'oo sana keessatti yeroo akkasitti waliin mul'atan miiltoo walii ta'uun walfaana xiinxalamu malee adda adda hin bahani. Kanaafuu sirba arrabsoo keessatti gaaleen xumuraa hedduminaan mul'atee akka jiru xiinxalame. Caattoon yoo agarsiisamu.




33. Yaa daakuu garbuu [natti hin addaannee]
Siif daakee kennuun [natti hin fakkaanne]
[Gorduuba seentee][yemmuu dirsiiftee]
[Borduuda seetee] jinjibilaaree?

Madda :*Ragaa 002 irraa*

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti gaaleen gochimaa [natti hin addaannee] ,[natti hin fakkaanne],[Gorduuba seentee], [yemmuu dirsiiftee] fi[Borduuda seetee] ta'u. Caasaa gaalewwan kanaa keessatti mataa ta'ee kan gale {addaanne},{fakkaanne},{seentee},{dirsiifte} fi {seetee}kan jedhaman gochimootadha. Kanaafuu caasaan gaalee gochimaa sirba armaan olii keessatti bal'inaan kan mul'atu ta'uu xiinxalichi ni ibsa.

**4.1.4.Unka Ciroo Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa**

Ciroon sirba arrabsoo cidhaa keessatti ballinaan kan mul'atudha. Irra caalaan bo'oowwan walaloo sirba arrabsoo cidhaa kun ciroo irraa kan ijaaramedha. Sirbi arrabsoo irra caalaan walaloo isaa unka ciroo kan ofkeessaa qaba

34. Daaraan margaaree *facaasii ilaali*
Ballaan kee argaaree *haqaaqii ilaali (raga 001 irraa)*

Sirba kana keessatti kan jala sararame ciroo hirkataa ta'ee, unki ciroo hirkataa ta'uu isaa mulliste unka/–e/ maxxanfateera. Gama biraan kan itaaliksiin barreeffame immoo ofdanda'aadha. Kan agarsiisuuf fufii matima mil'istuu /–i/'n maxxantee jirti. Kanaafuu unki/–e /n dheerachuun hirkataa fi /–i/n immoo of danda'aa ta'uu kan agarsiisu ta'uu xiinxalameera. Dabalataanis xiinxala armaan gadii haa ilaallu

**Gabatee 2. Unka ciroo walaloo sirba arrabsoo**

| Sirba | Unka | gosa ciroo | Baayina ciroo |
|---|---|---|---|
| Ati hoo kokobee kopheetu si sobe | /ee,e/ | Hirkataa,ofdanda'aa | lama |
| Ati hoo diqaalaa natoo si caala | /aa,a/ | Hirkataa,ofdanda'aa | lama |
| Kootiin ergisaa surreen ergisaa | /aa,aa/ | Hirkataa | g/ tokko |
| Balbala hingeessu kan qullaa teessu | /u,u/ | Hirkataa,ofdanda'aa | lama |
| Haroo tujubaa jajjaba leensaa | /aa,aa/ | Hirkataa,ofdanda'aa | lama |
| Atoo suutuma kan jajan eessa? | /a,a/ | Hirkataa,ofdanda'aa | Lama |
| Iji ballaadhaa lukti jallaadha | /aa,a/ | Hirkataa,ofdanda'aa | lama |
| Tafkii okkoltuu hundumaa hintoltu. | /uu,u/ | Hirkataa,ofdanda'aa | Lama |
| Kabeelaa buttee maal fuudhaa dhufte. | /ee,e/ | Hirkataa,ofdanda'aa | Lama |

Madda: Ragaa 003 irraa

Sirba arrabsoo kana keessatti kanneen ciroo hirkata fi ofdanda'aa irraa ijaaraman ni jiru; gama biraan immoo gosuma ciroo tokko irraa kan ijaaraman ni mullatu. Fakkeenyaaf , bo'oo tokkoffaa irratti 'Ati hoo kokobee kopheetu si sobe ' kan jedhu keessatti 'Ati hoo kokobee' ciroo hirkataa ta'uu isaa unka /–e/n agarsiisee jira.*'kopheetu si sobe* 'kan jedhu immoo ciroo of danda'aa agarsiiseera. Gama biraan immoo bo'oo shanaffaa irratti immoo 'Haroo tujubaa tujubaa leensaa' kan jedhu immoo unka ciroo hirkataa /–aa /'n bo'oon sun guutuun akka ciroo hirkataa ta'e agarra. Haaluma kanaan gabatee armaan olii keessatti unkoonni ciroo agarsiisan addaan bahuun xiinxalamaniiru. Kanaafuu,unki ciroo sirba arrabsoo cidhaa bifoota garagaraa waan qabuuf bo'oon isaa adda addaan yoo xiinxalame hima guutuu kan agarsiisus jiraachuu akkasumas kan bo'oon isaa ciroo gosa tokkoon xumuramus kan jiru ta'uu xiinxalameera.

Ciroo ofdanda'aan hima ta'uu danda'a. Himni immoo unkoota kan akka mathimaa,aantimaa fi gochimaa of keessaa qabanidha. Akka Catherine (2001) irratti ibsitutti; "The normal word order of main clause in Oromo is subject, object, verb"(f.99) jetti. Yaada kanarraa akka hubatamutti duraadubni caasaa afaan Oromoo kan biroo irraa adda ta'uu mul'isa. Kanaafuu caasaa hima yeroo kaafnu waantoonni kun faana xiinxalamuun dirqama.

35. Hintalli abbaakoo afaan haadhakee fi tosha aayyooketti

Intalli leencaa naaf bulti seetee hin dhama'iinoo

Yaa dheeraa jigaa kajeellaaf siqaa

Yaa dheeraa shirrii yaleebaa birrii

Yaa hoomii gaaraa illikkeehoo

Maaf boossa haadhoo iyyiteehoo

Simeen sifuudha ililcheehoo .(Od-himaa B Dh)

Himoota sirba arrabsoo armaan olii keessatti unkoonni/–li/,/-af/,/-ti/,/-a/,fi kkf ta'an caasaalee himaa kan agarsiisanidha. Kanaafuu unkoonni sirba kana keessatti jala saararaman tajaajila adda adda qabu.Haata'umalee akkuma armaan olitti agarrutti walaloon sirba kanaa ulaagaa himaa kan guutu jiraatus irra caalaan mat-himni isaa mul'ataa miti. Sababiin isaa seera baramaa hin taaneen irra caalaa dhamsaga /yaa/ fi kanneen biroon jalqaba waanta'eefidha.

**Gabatee 3.Unka himaa sirba arrabsoo**

| Jecha | Unkoota | Tajaajila |
|---|---|---|
| Hintalli | -li | mathima mul'isa |
| Naaf | - af | Irraawwatama |
| Bulti | -ti | Raawwatamaa |
| Yadheeraa | -a | mathima mul'isa |
| Kajeellaaf | -af | Irraawwatama |

Unkoonni armaan olitti xiinxalaman kun caasaalee hima keessa jiran maal akka agarsiisan addan baasuuf yaalameera. Kunis [intalli] kanjedhu kana yoo ilaalle [intala ] kan jedhu mataa himaa ta'ee galeera.unki { li} n agarsiifame immoo matima sana kanmul'istedha. Gamaa biraan immoo[ naaf] kan jedhu keessatti {na}n bamaqaa dha. Unki irraawwatama mil'isuuf gale immoo {af} kan jedhu ta'a. Kanaafuu ciroowwan ofdanada'oon sirba kana keessatti haala adda ta'een unka himni tokko qabuu agarsiisuun isaanii xiinxalameera.

36. Yaa hoomii gaara illikkee hoo

Maaf boossa haadho iyyitehoo

Simeen sifuudhaa ililcheehoo

Madda : *ragaa 003 irraa*

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti unkoonni ciroo ofdanda'aa fi hirkataa mul'ataniiru.bo'oo 1ffaa irratti unki /yaa/ jedhu unka ciroo hirkataa agarsiisuuf haala baramaa hin taaneen mul'ateera. Bo'oo 3ffaa irratti immoo ciroo ofdanda'aa ta'uun unka himaa guutee jira. Kunis unka matima mul'istuu jecha [simeen] jedhu irratti maxxanee jiru {n}'n agarsiifameera. Kanaafuu sirba arrabsoo kan keessatti unkoonni ciroo ofdanda'aa fi hirkataa haala addaan mul'ateera.

## 4.2. Hiika Walaloo Sirba Arrabsoo

Hiikni sirba arrabsoo gama caasaa afaanii yemmuu hubatamu hiika jechaa, gaalee,ciroo faa kan hammatu ta'uu danda'a. Akka Zainit(2014, f.8) irratti Richard (2002)wabeeffachuun ibsitetti "Lexical semantic is the some field ofsemantics concerned with the meaning of words"jetti. Hiika jechoota sirba arrabsoo keessa jiruu xiinxaluun ergaa isaa hubachuuf nu gargaara. Haaluma kanaan hiika sirbi arrabsoo qabuu beekuuf jechootaa, gaalee fi ciroowwan achi keessa jiran akkamitti akka ijaaraman xiinxaluun barbaachisaadha. Yaada kana cimsuuf, Fromkin, Rodman and Hyams (2003) "Studying the meaning of morphemes, words, phrases, andsentences is called semantics"jedha.Yaada kanarraa kan hubatamu hiika jechuun hiika jechaa,dhamjechaa,gaaleefi himaan sirba arrabsoo cidhaa keessatti mul'atudha.

Haaluma kanaan hiikni sirba arrabsoo: Hiika faallaa,hiika hammattuu,hiika yaada bo'oo,hiika masoo,hiika dursaa, hima yeroo hunda dhugaa, hiika jechoota bifaan walfakkaatanii hiikaan addaa,jechoota hiikheddee, hiika jechoota tajaajilaan tokko ta'anii fi hiika dubbiiwwan haalawaa sirba arrabsoo cidhaa keessa jiranii akkasaa, bakka buusa, nameessa, arabeessuu,eemiti faa dabalatee xiinxaluudha. Itti dabaluun hiika keeyyata walaloo sirba arrabsoo keessatti argamanii xiinxaluu ta'a.Walumaagalatti sirba arrabsoo od-himtoota irraa walitti qabame qindeessuun akkataa hiika kennaniin addaan baasuun dhiyaateera.

### 4.2.1.Hiika Faallaa Walaloo Sirba Arrabsoo

Hiikni faallaa yaada hima tokkoo keessatti ykn himootaa garaagaraatti kallattiin yaada tokko otuu ibsuu, bifa biraan immoo yaadni ijoo faallaa isaa mul'ata. Sirba arrabsoo keessatti sadarkaa jechaan, himaan bal'inaan kan mullatudha. Sababiin isaa sirbi kun bifa faallaa ta'een ergaa bu'uura dabarsa waan ta'eefidha.

37. Nama beeraa

Yaa kabeelaa dhiiftee galtamooree

Gundoo dhiigaa

Gurroo dhiiraa dhiiftee galtamooree (od-hima C S)

Walaloo armaan olii keessatti buufatni jalqabaa 'nama beeraa' jedhu kun nama beekaa ykn gaarii ta'uu ibsuun, yaada sana karaa faallaan immoo 'yaa kabeelaa' jechuun nama miila jallaa ta'uu isaa himuun bifa haamlee buusuun sirbi arrabsoo kun dhiyaateera jechuudha.Buufata walaloo itti aanuunis 'Gundoo dhiigaa'kan jedhu gundoo qabsoo dhiigaan argamudha, gootummaas agarsiisa. Kana karaa faallessuun immoo 'gurroo dhiiraa' jechuun kan onnee dhiirummaa hin qabne taasisuun sirba arrabsoo dhiyeessu. Kanaafuu, walaloo sirba arrabsoo kanaa keessatti yaada waliif faallaadhaan gargaaramuun yaada ofii ibsachuun kandanda'amu ta'uu isaa nutti agarsiisa. Haaluma kanaan qabiyyee sirba kanaa galumsa yeroo sirbichi sirbamuun yoo ilaalle Gundo Booree kana dhiisanii akka hingalle beeku. Garuu,dhiistee galtamooree isin dhiirayyuu miti jechuun bifa yaada walmormuun dhiyeessu.

38. Yoo fiddee dhuftee hortuu siin jennaa

Hortuuafaan bunaa yoo dhiiftee dhufte

Ontuu siin jennaa ontuu gaaguraa. (Od- himaa I X)

Akka yaada walaloo olii keessatti 'yoo fiddee dhufte hortuu siin jennaa' hima jedhu keessatti*hortuu*kan jedhu ergaan isaa kan seera uumamaan jiru dhiiga durbaa kan jedhuufi kan warri ishee aayyoo fi aabboon eebbisuun kennaniifiin kan hiikamudha.*Hortuu* jecha jedhuu kana Oromoon akka aadaatti nama gara maatiitti dabalamuun milki qabeettii akka taatuuf hawwii gaarii qaban ibsuuf dhimma itti bahu. Himni 'ontuu siin jennaa ontuugaaguraa' kan jedhu immoo waan qullaa tokko illee kan hinqabne, kan milkii hin qabne ta'uu himuuf weeddisu. Yaada faallaa isa duraa agarsiisuun ibsameera jechuudha. Jechoonni *hortuu-ontuu* jedhaman kun jechootaa walaloo dhuma tokko keessatti hiika faallaa qabanidha. Haaluma kanaan bo'oo 1ffaa fi 2ffaa keessatti yaadni jiruu faallaa sarara 3ffaa ti. Kanaafuu, sirba arrabsoo keessattis yaada waliif faallaa ta'an gargaaramuun qeeqafi gorsaa hawaasa keessa jiru xiinxaluun ergaa bu'uura dabarsa jechuudha.

39. Baalasokokee
Eessadhaqxasoddee
Naafagotottee
Cabiakkasooyyamaxobbee
Har’ansirasa
Dhamansibaasa
Rimaagaraakee
Ulfaji’alamaa
Har’andayyaasa
Dhiirrihinulfaa’u
Siifhaamilkaa’u (od-himaa T M)

Sirba arrabsoo armaan olii keessatti himootni ykn ciroowwan waliif faallaa ta’an nimul’atu. Fakkeenyaaf, ‘*rimaa garaa kee har’an dayyaasaa’*kan jedhuun dhiira yemmuu arrabsaniifi itti aansuun immoo’*dhiirrihin ulfaa’u*‘kan jedhuun yaada hima isaa duraaf faallaa ta’e yemmuu gargaaraman agarra. Kanaafuu ,sirba kana keessatti rimaa kan jedhu kan isa hin ilaallannetti gargaaramuun ergaa arrabsoo sana yemmuu himanii fi dhuma irratti immoo dhiirri hin ulfaa’u garuu siif immoo haa milkaa’u jechuun yaada walfaallessu walitti yemmuu araarsuuf yaalu xiinxalama.


Walumaagalatti yaadni waliif faallaa ergaan isaanii kan hubatamuu walitti dhufeenya yaada faalla ta’e sana irraa dhufeenidha(Palmer 1976,f.77). Kanaafuu, fakkeenyota armaan olii keessattis sirba arrabsoo gundoo booree jedhu keessatti haala ittiin himoota wal faallessanniin gargaaramuun ergaa dabarsan,duudhaafi haamlee olkaasuu ykn gadibuusuun himoota waliif faallaa itti gargaaramuun ergaa dabarsuu barbaadame tokkoo dabarsuun akka danda’amu agarsiiseera.

### 4.2.2. Hiika hammattuu/miseensaa/

Hiikni hammatuu waanta tokkoo waan inni ofkeessatti hammatuun ibsuudha. Sirba kanakeessattis hiikni jechaa akkaataa kallatti achii as dhufaatii isaan kan kennamudha. (Lyons, 1977,f.291, and Kempson, 1977,f. 83)

40. Akkuyyee akkuyyee araddaa kuullee
Faayaan ergitee tokko illee hin guunnee
Abaaboo jaree hamaamonni kee
Handaaqqoof saree
Madda: *Ragaa 003 irraa*


Sirba arrabsoo armaan olitti dhiyaate keessatti hiika hammattuu yemmuu xiinxallu bo'oo 4ffaa keessattii 'handaaqqoof saree'kan jedhutu mul'ata. Kana bu'uura godhachuun akkaataa walhammannaa hiikaa isaa akka armaan gadiitti mullata.




Cattoo armaan olii irraa kan hubatamu ' hamaamonni kee handaaqqoo fi saree' kan jedhu keessatti indaaqqoon beelada manaa keessaatti kan haammatamtu ta'uufi sareen immoo beelada manatti madaqanii argaman keessaa tokko dha. Kun immoo haammattummaa miseensa waanta sanaan kan hiikamu ta'ee sirba arrabsoo keessatti kan mul'atu ta'uun isaa xiinxalameera

41. Yaa harree taapha baadhuu
Teepha baadhuu
Arreeddee hin gugatiin
Yaa intaloo suuta nyaadhuu
Marmartee hin ludatiini
Madda: Ragaa 003 irraa

Raga armaan olii keessatti jechi 'harree' jedhu hiika hammatuun yemmuu ibsamu akka itti aanutti dhiyaata,




Haala kanaan hiikni isaa yemmuu kennamu *harreen* beelada manaa taatee kan garee kotteduudaa keessatti hammatamuudha jechuun hiikni kennama. Kanaafuu sirba arrabsoo kana keessatti

hiikni qabiyyeewwan jechootaa sirbicha keessa jiranii bifa adda ta'een hiikaman hiika hammattuu ykn miseensaan kana gargaaramuun dhiyaata jechuudha.

#### 4.2.3. Hiika Masoo Walii Ykn Walfakkii

Hiika masoo jechuun jechoota hiikaan walitti siqan kan ilaallatudha.Himoonnis ta'e, jechoonni ergaa dabarsaniin walitti siqeenya ykn walfakkeenya qabu. Haaluma kanaan sirba arrabsoo durbaa keessattis jechoota hiikaan walfakkaataniin ergaan yemmuu darbu argina. Akka Murphy(2006) fi Lyons (1995) ibsanitti, hiika yaada walfakkii waan xiqqoon garaagarumma yaadaa kan agarsiisanidha jechuun yaada isaanii lafa kaa'aniiru. Akkasumas Gairnsfi Redman (1986) fi McCarthy (1990) jechoonni masoo jechoota garee caaslugaa tokko keessatti argamaniifi jechoota hiika walfakkii qabaniidha jechuun, jechoota masoo walii ibsanii jiru. Haata'u malee,jechoonni guutuu guutuutti hiikaan tokko ta'an akka hinjirre hayyuun Plamer (1981) ibsee jira.

42. Yaa harbuu birraa yaa harcaatittii
Wal-arguuf jirra ya mancaatittii
Manceeko baga ishee sireen lagaa
Akaayii qorii qorii fal'aanaa
Akaakuu tolii horiin ayyaana. (Odhimaa D M)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti bo'oo 2ffaa fi 3ffaa irratti jecha 'mancaatittii' jedhuu fi 'sireen lagaa' jedhu argina. Jechoonni kun lamaan bo'oo adda adda irra taa'uun hiika walfakkaatu agarsiisu. '*mancaatitti –sireen lagaa'* kanjedhu akkaataa ergaa dabarsan sanaan mancaatittii jechuun kan lagatti ykn bakkeetti ejjitu jechuudha. Haaluma kanaan immoo sireen lagaa jechuunis kan manatti hin galle kan bakkeetti ykn lagatti amala hin taane kana agarsiistu jechuudha waan ta'eef hiika walfakkaatu qabu jechuudha.

43. Yaadaakuu garbuu natti hin addaannee
Siif daakee kennuun natti hin fakkaanne
Siif toshee kennuun natti hin fakkaanne (Od-hima T M)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessaa jechoota hiikaan walitti siqan muraasni mul'ataniiru. Hiikni kunis yemmuu xiinxalamu,bo'oowwan $2^{ffaa}$ fi $3^{ffaa}$ keessatti siif daakee kan jedhu siif tolchee kennuu kan jedhan hiika masoo walii ta'uu danda'u. Kanaafuu, hiikni masoo waliinii

bo'oowwan sirba arrabsoo keessatti walii walii isaan kan wal hiikaa deeman ta'uu isaatu hubatama.

44. Hurrishe hoo harran baatu booree dhawoo.
Warri keenyawoo gaagura buusuu damma nyaachuufoo
Warri keessanoo guyyuma yuusuu nama nyaachuufoo
(Od-himaa D M )

Walaloo armaan olii keessatti bo'oo 3ffaa yoo ilaalle 'guyyuma yuusuu' fi 'nama nyaachuufoo'kan jedhu agarra. Gaaleen lamaan kun hiika walfakkii ykn hiika bal'oo agarsiisu. Kunis guyyuma yuusuu jechuun waanti yuusuu akka naanootti beekamutti waraabessa nama nyaatudha. Haaluma kanaan nama nyaachuufoo yemmuu jedhus hiika gaalee durasaa jiru kanaa ta'a jechuudha. Kanaafuu, *guyyuma yuusuu-nama nyaachuufoo* kan jedhu hiika walfakkatu qabu jechuudha.

45. Ijji ballaadha lukti jallaadha
Tafkii okkoltuu hundumaa hintoltu.
Kabeelaa buttee maal fuudhaa dhufte (od-himaa S B)

Walaloo armaan olii keessatti bo'oo 1ffaa irratti jechoonni *ballaadha fi jallaadha*jedhaman hiikaan kan walitti siqanidha.[Ballaa] jechuunwaan dalga ilaalu tokko agarsiisa,akkasumas immoo[ jallaadha] jechuunis waan qajeelaa hintaane ta'uu agarsiisa. Kanaafuu jechoonni kun lamaan hiika masoo walii ta'uu danda'u jechuudha. Walumaagalatti sirba arrabsoo durbaa keessatti jechoonni hiika walfakkaatu qaban walcinaa galuunhiika sirbichaa miidhagsu danda'u jechuudha.

**4.2.4. Hiika Dursaa**

Hiika dursaa jechuun hiika qabiyyee himoota sanaa alatti hawaasa keessatti beekamu kan agarsiisudha.

46. Wayyoo yaa Gaaddisee
Warri keessanoo
Guyyuma yuusuu
Nama nyaachuufoo (Od-himaa T M)

Gaalee adda bahe kana yemmuu ilaallu *guyyuma yuusuu* jechuun isaa waraaboo jedhu ibsuuf otuu hin ta'iin waanta hawaasa keessatti namootni tokko tokko amala isaan agarsiisan irratti hundaa'uun kan foon namaa nyaatan, akkasumas bineensa waraabessa illee manatti kan galfatan jedhamanii beekaman namoota amala [budaa] jedhamu qaban agarsiisuufidha.

47. Hurrishe woo harran baatu booree dhawo
Warri keenyawo gaagura buusu damma nyaachufoo
Warri keessanoo guuyyuma yuusuu nama nyaachuufoo
Madda : Ragaa 003 irraa

Himni bo'oo tokkoffaa walaloo sirba arrabsookanaa keessaatti*'Hurrishe harra hin baatu booree dhawoo'* jedhu, intalli heerumtu sun akka dhirsa fuudhuuf dhufe sana wajjin hin deemne shamarraan iddoo sanatti argaman sirba kanaan yerroo ishee dhorkan mul'ata. Yeroo hamaamonni dhufanii, dhirsi misirroo sana wajjiin wal simatanii booda, harra hinbaatu booreedha jechuun nuti intala keenya hin gadhiifnu ni jaallanna jechuun haamlee guutuun sirbu. Hiika dursaa sirba kanaan yoo hubannu garuu, dubarri heerumtu sun akka guyyuma sana heerumtu ni beekti; gurbaanis akka fudhatee galu beeka. Garuu hiika sana mul'isuuf jaalala shamarree heerumtuuf qaban sirbaan agarsiisu.

48. Nan duula jettaa
Akkamiin duultaa
Harargee jiruu
Naannessa diillaa
Nan fuudha jettaa
Akkamiin fuutaa
Haraqee jiruu
Malakkee jiruu
Raatessaa dhiiraa
Attamiin fuutaa (od-himaa F D)

Waraabbii walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti jecha *'haraqee'* jedhuuf hiikaa dursaa yemmuu xiinxallu, haraqeen kaayyoo qabatan nama dhorka otuu hin taane namni dhugaatii baay'isu waa'ee sanaa yaada waan ta'eef amala tokko gabbifata jechuudha. Kun immoo itti ofkenninaan nama kamiyyuu salphaatti kuffisuu danda'a waan ta'eef kana irraa akka ofeegan

hima. Gama biraan immoo ‘nan duula jettaa’jechuun duula bakka itti gootummaa agarsiisan dhaquu barbaadda jechuudha.Garuu hiikni dursaa isaa akka inni fuudhaaf abbalu ibsuu barbaadeeti malee dhuguma duula dhaqa miti.

49. Yaa Dassaalee wayyoo
Diqqii aayyoo kee machootee raftaa
Yaa machooftittii
Roobee caameeraa hin aramsiisuu
Fuudhee baaseera hin amansiisu (od-himaa X N)

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii keessatti immoo hiikni dursaa isaa bo’oo 5ffaa irraa argama. Sarara walaloo kana irratti *‘fuudhee baaseera hin amansiisuu’* yammuu jedhu inni tokko namni fuudhee baase subboo waan jedhamuuf ati suubboodhaa jechuudha, gama biraan immoo dhugaatii baayyistee raftaa waantaateef fedhii jaalalaa baasuu hin dandeessuu jechuudha. Sababiin isaa bo’o 2ffaa keessatti yaada*diqqii aayyookee machooftee raftaa* jedhu fayyadameera. Walumaagalatti ragaalee armaan olii irraa akka hubatamutti sirba arrabsoo kana keessatti hiikni dursaa amala badaa ta’e tokko ykn saalfii qabuu tokko kallattiin qeequun ulfaataa waan ta’eef irraa qabuun yaada akka dhiyeessu hiika armaan olii irraa xiinxalameera

**4.2.5.Hiika Hima Yeroo Hunda Dhugaa**

Hima yeroo mara dhugaa jechuun hima yeroo hunda nama hunda fi bakka hundatti dhugaa ta'e dha.Kunis namni kam iyyuu ka'ee soba gochuu kan hin dandeenyedha.

50. Yoo lookoo marte lookoo abbaa fardaa
Yoo ookoo barte ookoo abbaa warraa
Yoo Qal’aa furdistee xinnaa guddistee
Sayyuu siin jenna sayyuu ishee guddoo sitti marmaarra
Yoo kana dhiiste faalloo siin jenna faalloo ishee cabduu sitti waraabna.
Madda : Ragaa 002 irraa.

Akka walaloo armaan olii keessaatti dhiyaatetti himni 1ffaa fi 2ffaa waan nama hundaa biraatti fudhatamaa ta’eefi kan gara fuulduratti dubarri heerumtu tokko rawwachuun irra jiru agarsiisa.Keessattu *'yoo ookoo barte ooko abbaa warraa'* jechuun nama kamuu biratti aadaa fudhatamaan, maatiin tokko waldhagahuun gaarii ta'uutti fudhatama. Walaloo dhuma sana

keessatti gad hiiqee immoo yoo aadaa kana diigdee faalloo siin jennajedha. Namni kam iyyuu yaada kana lafaa ka'ee kan mormuu yoo ta'e aadaa kan diige ta'uu isaa ibsa

51. Rimaagaraakee
Ulfaji'alamaa
Har'andayyaasa
Dhiirrihinulfaa'u
Siifhaamilkaa'u ( Od-hima F D)

Sirbi jedhu kun sirba arrabsoo cidhaa keessaa kan fudhatamedha. Bo'oowwaan walaloo armaan olii keessaa *'Dhiirri hin ulfaa'uu'* kan jedhu hima yeroo hunda dhugaa ta'e fayyadamuu isaa kan nutti agarsiisudha.Sirba kana keessatti rimaa garaakee jechuun arrabsitu waan dhugaa hin haalamni dhiirri hin ulfaa'uu akka hindandeenye yemmuu ifa baastu argina. Kanaafuu, himoonni yeroo hunda dhugaa ta'an haala kamuu keessatti of mullisu nidanda'u. Walumaagalatti fakkeenya armaan olii lamaan keessatti akka hubannuutti sirbi arrabsoo yeroo cidhaa himoota yeroo hunda dhugaa ta'aniin hiika himaa kennee jira.

**4.2.6.Hiika Jechoota Walfakkaatanii Hiikaan Addaa,**

Jechoota walfakkatanii hiikan adda ta'an jechuun bifaan ykn dubbiin walfakkaatanii mul'atu malee yaadni gama hiikaan walitti isaan hidhu hin jiru (Saeed 2003). Kanaafuu Hiikni jechootaa unkaa fi bifa qabaniin kan murtaa'u miti.Galumsa keessatti kan inni bakka bu'ee jirutu adda bahee beekamuu qaba.

52. Yaa*fuutuu* eenyu abbaan gundoo *fuutuu*
Yaa gurbichoo yaa garbichoo dhiiftee galtamooree (od-himaa B DH)

Fuutuu → { nama amala hin taane qabu
Fudhattu }

Jechi fuutuu jedhu akka walaloo sirba armaan olii keesatti ilaallutti unkaan tokko ta'anii bakka adda addaa galanii ergaan dabarsaniin garuu adda addummaa kan qabanidha. 'Fuutuu' jechi jedhu bo'oo 1ffaa gara jalqabaa irra jiru nama amala hintaane qabu ykn dadhabaa jechuu yemmuu ta'u, 'fuutuu'inni gara dhuma bo'oo walaloo sanaa irratti barreeffame immoo hiika ofharka galfachuu ykn fudhachuu kan jedhu agarsiisa.

53. Nan fuudha jettaa

Akkamiin fuutaa(od-himaa B DH)

Fuuta { mana dhaabda,
kan kee godhatta }

Kanaafuu, fakkeenya armaan olii keessatti jechi *'fuutaa'* jedhuu bo'oo 1ffaa keessatti mana dhaabuu barbaaddaa yaada jedhu yoo ibsu, bo'oo 2ffaa keessatti immoo kankee godhattaa kan jedhuun hiikama. Kanaafuu akkuma armaan olitti kaasne jechoonnii kana fakkatan sirba arrabsoo keessatti unka tokkoon hiika lama ibsuu kan danda'an jiru jechuudha.

**4.2.7. Jechoota Hiika Lama fi isaa Olii Qaban (Hiik heddee)**

Jechoota hiika lamaa ol qaban jechuun jechi tokkoo hiika hedduu qabaachuun kan agarsiisu dha (Yule 1996, Formkin 1988, Despatie 1976, and Saeed 2003).Hiikni kun hiika jechoota walfakkaatanii hiikan adda ta'anii kan jedhu kan armaan olii wajjiin walitti siqa garuu garaagarummaa bu'uura xinqooqaa niqaba. Kan jechuun jechi tokko otuu hima tokko ykn barreeffama walaloo tokko keessatti bifaan walfakkaatee hin mul'atiin hiikni isaa immoo lamaa fi isaa olta'anii argamanidha. Hiik –heddee jechuun unki xiin-qooqaa tokko muuxannoo tokkoo ol bakka bu'uu danda'a.(Addunyaa,2014)

54. Daaraan margaaree facaasii ilaali

<u>Ballaan</u> kee argaaree haqaaqii ilaali( od-himaa T DH)

Ballaan { ija dalga ilaalu
lakkuu mukaa }

Haaluma walfakkaatuun fakkeenya lammaffaa kan keessattis' ballaan'kan jedhu ergaa lama dabarsuu isaa agarra. Kunis ijaan dalga ilaaluu ykn lakkuu mukaa(dhaanquu) agarsiisa.

55. Elaa yaa gurbaa

Horiin sii hin horiin

Andaqqoo malee

Andaqqoon foonii

Foontu foon baataa

Warri kee loonii

Loontu loon yaasaa (Od-hima X N)

Sirba arrabsoo armaan olii keessatti :

**Gabatee 4. Jechoota hiika lama qaban agarsiisu**.

| Lak | Jecha | Hiika 1ffaa | Hiika 2ffaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Horii | Loon | Qabeenya |
| 2 | Andaaqqoo | Lukkuu | Xiqqoo |
| 3 | Foon | Kan nyaatamu | Fira |
| 4 | Loon | Horii | Gowwaa |

Akka fakkeenyaatti hiika gabatee armaan olii keessatti ibsame akka ifa ta'uuf kan 4ffaa irra jiru yoo xiinxallu,bo'o 7ffaa walaloo fakkeenya kennamee irraatti 'loontu loon yaasaa' jedha. Akkaataa bu'uura ergaa walalichaatti warra looniin bakka buusee jira. Kan jechuun immoo warrii kee gowwaadha waayyuu hin beekani akkuma horii waa yaaduu hin danda'ani jechuu isaatu hubatama.Walumaagalatti sirba arrabsoo armaan olii keessatti jechoonni hiika lama qaban walitti qindeeffamuun bifa gabaaba ta'een dhiyaateera. Hiikni kun immoo hawwaasni sirba kan fayyadamuu ergaa dabarsuuf itti dhimma bahu xiinxaluun ta'a.

Gama biraan immoo jechoota hiika lamaa ol qaban sirba kana keessatti kan mul'atan ta'uu fakkeenyi armaan gadii ni agarsiisa.

56. Ati hoo kokobe kopheetu si sobee
Ati hoo diqaalaa natoo si caalaa
Kootiin ergisaa surreen ergisaa
Balbala hin geessuu kan qullaa teessuu
Haroon tujubaa jajjabaa leensaa
Atoo suutuma kan jajan eessaa?

Madda : ragaa 003 irraa

**Gabatee 5. Jechoota hiika lamaa ol qaban agarsiisu**.

| Jecha | hiika 1 | hiika 2 | hiika 3 |
|---|---|---|---|
| Kophee | kan miillatti diratan | Qofaa | kan fira hin qabne |
| Leensaa | Miidhaga | Dheeraa | maqaa namaa |
| Suutuma | kan hinariifanne | maqaa namaa | citaa sutaa |
| Qullaa | uffata kan hinqabne | Hiyyeessa | saalfii dhiisuu |


Walumaa galatti jechoonni hiika tokkoo olqabanfakkeenya dhiyaate keessaa jala sararaman hiikni isaanii gabatee armaan oliin gabaabinaan qaacceffamaniiru.

#### 4.2.8. Hiika Kutaa Qaamaa (xiggoo)

Hiikni tajaajilaa kan kallattii (sirrii) fi kan filataman jedhamuun bakka lamatti qoodamuu danda'u. Kanneen hiika tajaajila kallattii jedhaman jechi sun tajaajila cimaan kan walitti hidhamani ta'uu fi kanneen hiika tajaajilaa filatamoo jedhaman immoo guutummaa guutuun qaama sanaa kan hin taanedha.Yaaduma kan bu'uura godhachuun,Gama biraan immoo hiikni kan akka 'balbala –cuftuu' jedhaman balballi cuftuu malee taa'uu danda'a ykn qaama walii miti waan ta'eef hiika filatamoo jedhama (Eba  and Ashenafi 2015). Haaluma kanaan hiikni tajaajila walaloo sirba arrabsoo armaan gadii keessatti haala kamiin akka mullatu ibsameera.

57. Qeensa miillakee walilaalla har'umooyyu
Kan har'a sooftuu walilaalla har'umooyyu(od-himaa Faxxanaa Dammaa)

Sirba kana keessatti Jecha *'qeensa miilakee'* jedhu hiika tajaajila sirriin walitti hidhama qabaniin yoo kennamu haala armaan gadiin agarsiisuu ni danda'ama.




Cattoo kanarraa kan hubatamu qeensa miilaa jechuun qaama namaa keessaa miila irratti kan argamu ta'uu  fi kan nama irraa adda hin bane waan ta'eef hiika kutaa ykn qaamaa walitti dhufeenya cimaa qabanii ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, sirba kana keessatti jechoonni argaman hiika tajaajilaan xiinxalamuu danda'u. Gama biraan immoo hiika tajaajilaa filatamoo jedhamuun kanneen tajaajila waliin kennan irra adda bahuun argamuu danda'anidha.

58. Baala baddeessaa dogoggomaawoo
Maalitti beekta yaa tortoraawoo
Gatii balbala soddomaawoo
Ulee harbuu beenuu darbi
Soddee dhalli kee gadi haa darbu(od-himaa  I X )

Walaloo sirba arrabsoo armaan olii irraa kanneen jala muraman kunneen keessaa kan bo'oo 3ffaa irratti argamu *'balbala'* kan jedhu yemmuu ta'u, balballi immoo mana ittiin cufuuftajaajila. Haata'umalee balballii cufaa malee taa'uu danda'a;lamaanuu qaama adda addaa waan ta'aniifidha. Kanaafuu cufaan balbala itti cufamee ta'uun filatamaa waan ta'eef hiika tajaajila filatamoo jedhama.Haaluma kanaan hiika tajaajilaa bo'oo 4ffaa irratti jala sararame immoo 'ulee-harbuu'kan jedhu uleen jecha harbuu jedhu irra adda bahee himamuu danda'a. Haata'u malee uleen kun ulee harbuu jedhame jechi harbuu jedhu yoo wajjiin jiraate filatamaa ta'a jechuudha.

Walumaagalatti hiikni tajaajilaa kun sirba arrabsoo durbaa keessatti tajaajila waan tokkoo ibsuuf bal'inaan kan tajaajilu ta'uun isaa xiinxala armaan olii irraa hubatameera.

### 4.2.9. Hiika keeyyata Walaloo Sirba Arrabsoo Cidhaa

Hiikni keeyyatichaa ibsuunkennamu sirba arrabsoo keessatti kaayyoo sirbamuuf sana agarsiisuuf tajaajila.Kunis hiika sirbichi of keesstti qabatu keeyyata, keeyyataan xiinxaluudha. Sirbi arrabsoo cidhaa kan inni weeddifamuu amala badaa hawaasa keessa jiru xiyyeeffachuun nama fuudhaaf dhufe sana arrabsoon gorsu.Haluma kanaan fakkeenya kana ilaalla.

- Gundo booreen guyya cidhi raawwatamu sana erga sirni eebbaa raawwatamee booda gundoo addooyyee kan jedhamu mi'a warri intala ittiin gaaggeessuf qapheessan keessa shamarri butte fuudhuun eenyu abbaan gundoo booree fuudhuu jechuun kan ittiin warra hamaamotee sana qoranii ,rakkisanii booda kennanidha.

59. Keeyyata 1 Gundoo booree eenyu abbaan dhuftee fuutuu
Gundoo addooyyee eenyu abbaan dhuftee fuutuu
Baddaa horroo saani hijiruu fardeen malee
Kana keessoo dhiirri hin jiruu nadheen malee
Eenyu abbaan dhuftee fuutu.
Madda :*warraabbii sirba arrabsoo Jimaa Galataani qophaa'e*

Sirba jedhu keessatti gundoo booree ykn gundoo dhiigaa kan jedhamtu kan ittiin gareewwan lamaan walmorkanidha. Addooyyeen intala heerumtuu kana fudhachuun gundoon addooyyee koo kan booreeti. Eenyu abbaan dhuftee fuutuu jechuun arrabsuu eegalti. Gurroo dhiiraa dhiiftee galtamooree jechuun hamlee itti horanii jeeqanii, ungulaalanii dhuma irratti yoo dadhaban

kennuuf. Kanaafuu sirba arrabsoo durbaa keessatti hiikni kan keeyyanni tokko baatee jiruunis himamuu danda’a.

- Durbummaan kan dubarri tokko ittiin boontu ykn immoo kunuunsitee hanga gaafa cidha isheetti kaawwattudha. ‘durbi qarreen heerumtu hawwasa biratti kabaja qabdi kan kanaan alaa garuu hin kabajamtu’ jedhu. Yaada kana irraa waan hubatamu durbummaa qabaachuu ishee qeequun durbi sirba arrabsoon guyyaa cidhaa kanaan jechoota garaagaratti fayyadamuun arrabsu .

60. Fakkeenya 2 Gorduuba seentee yemmuu dirsiifte
Borduuda seetee jinjibilaaree
Sii biqilaaree
Bor asheetaaree (SH R)

Sirba olii keessatti waanti irratti xiyyeeffatu durbi heerumtu tokko qarree ishee ykn durbummaan heerumuu ishee fi dhiisuu kan arrabsudha. ‘Borduuda seetee jinjibilaaree’ kan jedhu keessatti ‘borduuda seetee ‘kan jedhu qaama durbummaati.Kanaafuu ,durbummaan takka fudhatamnaan hin deebi’u waanta’eef maal gootaree , falli kee maali jechuun arrabsu. Sababiin isaa erga cidhi raawwatee booda dhiiga durbummaa ilaaluu hundi ni eega waan ta’eef yaaddoo guddaatu mudda jechuudha . Kanaafuu keeyyata kana irraa durbummaan maal akka ta’ee fi maalitti akka hiikamutu hubatama waan ta’eef hiika keeyyataa jedhamee xiinxalaama

### 4.2.10. Hiika Hawaasummaa fi Xiin sammuu

Yaada kana Addunyaan(2018) yoo ibsu, dhimmoonni hawaasummaa fi xiinsammuu hiika irratti dhiibbaa guddaa fidu. Kana jechuun sirba arrabsoo kana keessattis ta’e ibsoota biraa keessatti jechoonni yoo waa’ee isaanii haasa’an miira namaa keessatti mallattoo wayii agarsiisan ni jiru.

61. Nyaadhu foon namaa hin awwaalinii
Foon namaa hirmii (od-himaa T Dh)

Jechi sirba kana keessatti ‘hirmii’ jedhu hawaasa keessatti hiika xiinsammuu addaa qaba. Kana jechuun yoo firri du’e waantonni lagataman waan jiruuf namni firri isaa yoo du’u otuu hin beekiin nyaata nyaachuun foon namaa nyaachuu akka ta'etti ibsu. Kanaafuu sirbi kunis hiikaa hawaasummaa fi xiinsammuu addaan hubataman kan qabu ta’uusaa xiinxala armaan olii irraa hubatameera

62. Inni garaa kee ulfamoo coomaa
Yaa ulfaa ba'ii yaa coomaa baqii
Ulfa jii torbaa wajjin siif boonyaa
Ulfa jii shanii wajjin midhaanii

Madda :(Od-himaa IX)

Walaloo armaan olii irraa immoohiikni xiinsammuu fi hawaasummaa yemmuu xiinxalamu, jechi 'ulfa' jedhu hawaasa keessatti xiinsammuu addaa qaba. Innis haala hintaaneen dubarrii heeruma dhuftu kun kan garaatti hafe jiru yoo ta'e xiinsammuu addaan ilaalamti. Akkasumas immoo ilaalcha hawaasaa keessaas akka waan baateetti waan fudhatamuuf yaadni kun yemmuu sirba cidhaa sana keessatti ka'u sammuu namaatti kan dhufu jira. Kanaafuu sirba arrabsoo durbaa keessattis hiikni akka kanaa kan calaqqisu ta'uu raga armaan olii irraa xiinxalameera.

# BOQONNAA SHAN : CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun mataduree 'xiinxala unkaa fi hiika sirba arrabsoo cidhaa Godina Horro Guduruu Wallaggaairratti kan gaggeeffame yemmuu ta'uu, kaayyoon qorannoo kanaa sirba arrabsoo cidhaa irratti unka fi hiika inni gama caasaa afaaniin agarsiisuu addaan baasuun ibsuudha.Malli qorannoo kanaas mala akkamtaati. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin guurame afgaaffiifi dookimantii sakatta'uutti gargaarameera. Qorataan yaada ragaalee kanaan od-himtootaa irraa walitti qabame qindeessee jira. Mala qorannoo filatame kanatti gargaaramuun hawaasaa fi hojjettoota mootummaa irraa odeeffannoon guurameera. Odeeffannoon kunis sirbi arrabsoo hawaasa oromoo biratti baayyee jaallatamaa ta'e, akkaataa inni caasaa afaanii agarsiisuun xiinxalameera.Xiinxalli kunis gama hiika hammattuu,faallaa,walfakkii,tajaajilafaa'n akkasumas unka jechootaa, ciroowwanii fi himoota ragaalee argame irratti hundaa'un ta'a.Hiika dubbiiwwan haalaa achi keessa jiraniin ergaan sirba arrabsoo cidhaa kun dabarsu xiinxalameera.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Qorannoo gaggeeffame kanaan qorataan argannoo argate akka itti aanutti kaa'eera.

Gaaffilee bu'uura qorannoo keessatti kallattii xiyyeeffannoo qorataa kan ta'e unkaafi hiika ilaalchisuun argannoo dhiyaatedha.

❖ Unkoota sirba arrabsoo cidhaa keessatti mul'atan:
  - ✓ Dhamsagoonni tajaajila duraan qaban irratti tajaajila dabalataa kan baramaa hin ta'iin argisiisan muraasni kan jiran ta'uu mul'ateera.
  - ✓ Hiriirri fi firoominni unka dhamsagoota akkaataa caasaa afaanii baramaa agarsiisee jiraachuu.
  - ✓ Unki koorniyaa ykn saala agarsiisu seera baramaan hin dhiyaanne. Sababiin isaa qaaccessa olii keessatti arrabsoon dhiyaate dhiira ishee jechuun yeroo dhiyeessu mul'ata.
  - ✓ Jechi unka tokkoo fi isaa ol qabaachuun haala addaan dhiyaate jiraachuun xiinxalameera.
  - ✓ Latiileen uumamtee unka jechoota haaraa uumuu keessatti hirmaachuun jechoonni garee adda addaa bal'inaan kan baramaa ta'een akka mul'atan godhaniiru.
  - ✓ Unkoonni latii hortee jechoota sana otuu garee isaa hinjijjiiriin caasaan afaanii akka eegamuuf jechoota garaagaraa irratti fufamuun haala baramaa irraa addaan mul'ataniiru.

- ✓ Jechoonni unka tokkee  muraasa ta’an kan jiran ta’uu xiinxalameera.
- ✓ Sirba arrabsoo cidhaa kana keessatti jechoonni adeemsa yaasaa,suphuu fi tishoon haala baramaa hintaaneen uumaman bal’inaan jiraachuu.
- ✓ Unkoonni gaalee maqaa,addeessaa,durduubee fi gochimaa agarsiisan miiltoowwan garaagaraa qabaachuun mul’ataniiru.
- ✓ Unkoonni ciroo agarsiisan walakkaa fi dhuma sarara sirbichaa irratti mul’ataniiru. Akkasumas  sararri tokkoon isaa gosa ciroo tokkoo ykn gosa ciroo lamaan isaa altokkoon qabatee kan jiru ta’uu.
- ✓ Unkoonni ciroo ofdanda’oo mat-hima,aantima fi gochima agarsiisan kan jiran ta’uu.

Walumaagalatti jechoonni akkuma sirba kamii iyyuu unka sirba sanaa guutuuf bifa baramaa hin taaneen kan ijaaramanii fi haala seera idilee eeguun kan ijaaraman jiraachuun xiinxalameera.

- ❖ Hiika sirba arrabsoo cidhaa keessatti mul’atan:
  - ✓ Sirbi arrabsoo cidhaa hiika caasaa afaanii agarsiisuu kan danda'u ta'uu fi hiikni kunis;
  - ✓ Hiika faallaa gargaaramuun waan faallaa ta’e lama waan dhugaa hintaane dhugaa fakkeessee kan dhiyeessu ta’uu.
  - ✓ Hiika hammattuu gargaaramuun waantota hiikni isaanii kallattiinhimamu hin danda’amne adeemsa miseensummaa isaan hiika waanta sanaa kallattii achii asdhufaatii isaan kennuun kan danda’amu ta’uu.
  - ✓ Hiika walfakkii kanneen hiiikaan walitti dhiyaatan gargaaramuun yaadota waltumsan ibsee jira.
  - ✓ Hiikni dursaa  ergaa barbaadamu tokko waan duubaan himamuu barbaade  xiinxaluun baasuun akka himuun danda’amu kan mul’ise ta’uu.
  - ✓ Hiika hima yeroo hunda dhugaa ta’e gargaaramuun amala badaa kan qeeqe fi amala qajeelaa immoo kan jajjabeesse ta’uu hubatameera.
  - ✓ Jechoonni hiika tokkoo fi sanaa ol qaban hiika adda addaa sirbicha keessatti kan agarsiisan ta’uu hubatameera.
  - ✓ Jechoonni hiika xiggoo/kutaa qaamaa/ kallattii fi filatamoon gargaaramuun hiika kallattiin waan tokkoof kana jedhanii ibsuun hin danda’amne; kan akka kutaalee qaama waan tokkoo hiika kanaan kennuun akka danda’amu hubatameera.

## 5.3. Yaboo

Argannoo armaan olitti argame irratti hundaa'uun yaada furmaataa armaan gadii ibseera.

- Sirbi kun aadaa hawaasaa kan mul'isu ta'uun cinaatti seera afaanii kan ballinaanitti fayyadamu waan ta'eef sirna barnootaa keessatti oggeessonni barnoota otuu qopheessanii gaarii dha.
- Sirbi kun qorannoo bal'aa waan barbaaduuf waajjirri aadaa fi tuurizimii ragaaf kuusee galmeessee kaa'uu qaba.
- Sirbi afaaniin ibsama waan ta'eef sirbicha gadi fageenyaan hubachuuf xiinqooqa isaa hubachuun gaariidha.
- Afoolli Oromoo baayyeen isaa xiinqooqni isaa hin xiinxalamne waan ta'eef otuu xiyyeeffannoon kennameef gaarii ta'a
- Hawaasni godinichaa aadaan kun akka hin badneef ijoollee isaa barsiisuu qaba.
- Qaamoleen garaagara kanneen qorannoo gaggeessan sirba arrabsoo kanatti dhimma bahuun kallattii xiinqooqaan otuu xiyyeeffatanii hojjetanii gaariidha.

Walumaagalatti waraqaan kun namoota qorannoo kan fakkaatu gaggeessuu barbaadaniif hula nisaaqa jedhamee abdatama

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaad rimee Qorannoo Hujoo*. Fininnee,Oromiyaa,Far East Trading PLC

Addunyaa Barkeessaa .(2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.*Oromiyaa, Finfinnee,Far East Trading PLC

Addunyaa Barkeessaa. (2018).*Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee,Oromiyaa, Far East Trading PLC

Fitriani Aisyah. (2017).*Semantic And Semiotic Analysis Of 'Rere Mana Rere'song In The Cultureof Mandailing*,Indonesia.

Alamaayyoo Faqqadaa. (2008). *Weedduu Gaa'ela Oromoo Aanaa Jaardagaa Jaartee*. Fininnee.

Andizerjewsku, B.W. (1985). L*iterature in Cushitic Language other than Somali in literature in Africa Language. Cambridge:* Cambridge University Press

Asefa Tolera .(1983*). Marriage Practice Among The Horo Guduru Oromo*. BA thesis Addis Abeba University.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela.Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.

Asefa Tolera.( 2004). *Theorising the present Towards the Sociology of Oromo Literature:Jaarsoo waaqoo poetry*, A.A. Biranna. P. Easter Press.

Austin, B. (1994). *Understanding Oral Literature*.Nairobi University Press.

Bascom, W.R. (1965). *Functions of Folklore, in Dundes,* A.1965.The study of Folklore Burkelay: Printice-Hall, Inc

Beekan Gulummaa .(2015). *Dimdimoo:Cooma Aadaafi Afoola Uummata Oromoo*:Finfinnee, Oromiyaa.

Ben Amos. (1975). *Towards a Definition of Folklore in Context.* Newdeli: South Asian Publishers ltd.

Biraanuu Hirko. (2003). *Biiftuu Ganamaa*. Sof-Printing Press.

Biraanuu Maatiwoos. (1999). *Findumentals of literature*: Addis Abeba UniversityPress.

Brown ,H.D.(1994).*Principles of learning and teaching*.Sanfrancisco:Prentices Hall

Catherine Griefenow Mewis .(2001). *Agrammatical Sketch Of Writer Oromo*. German

Charles W. Kreidler .(1998). Introducing English Semantics ,USA,New York,ISBN 0-203-17370-8.

Chomsky ,N. (2002). *On Nature And Language*. Cambridge:Cambridge university press

Cook, G. (2003). *Applied linguistics.Oxford*: Oxford university press.

Dafaa Jamoo. (1974). *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Finfnnee: Mana Maxxansa Seenteraalii.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folk life,* Chicago: Chicago University Press.

Donna M. and Laurel J. (2010). *The Linguistic Structure Of Modern English*. John Banjamine publishing company.

Dundes, A. (7thed) (1965) *The study of folklore*: Englewood Clifs, N.J: Prentice hall. Inc

Eba Taresa and AshenafiBalay.(2015). *Description Of Sense Relationin Mecha Dialect Of The OromoLanguage.*Article V-7 ,Jimma,Ethiopia

Fedhasaa Taaddasaa. (2013*). Subii. Bu'uuraalee og-barruu Oromoo* :Subii Printing Press.

Fekade Azaze (1999). *Yesineqal Mammariyaa*. Addis Abeba. Alpha Printers.

Fetzer Anita. (2004). *Recontextualizing Context.* Amsterdam: John Benjamins Publishing Company

Finnegan, R. (1970*). Oral Literature in Africa*. Naironi: Oxford University Press.

Finnegan, R. (1977). *Oral Poetry: Composition Performance And Context*. Combridge: Combridge University.

Finnegan , R. (1992). *Oral Traditional and verbal Art:Guide lines for Research*.,London and New York: Rutledge.

Fromkin, V. and Robert R. (1993). *An introduction to language,5th ed.* USA: Harcourt Brace Jovanovich college publishers.

Gemmechu Bekele. (2003). *A study of major themes in some selleted songs of Ilfinesh Keno.*Unpublished MA theses, Addis Abeba University.

Getaachoo Rabbirraa .(2009G.C). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee*: Kuraz International Publisher interprise.

Istanari Zainit. (2014). *Semantic Analysis Of English Cantextual Meaning In 'Maher Zains' Songs.*Thesis.

Katamba,F.(1993).*Modern Linguistic Series*.Morphology.New York: St.Martin's press

Kempson, R. M. (1977). *Semantics Theory*. Great Britain,Cambridge University Press.

Kiputy, N. (1983). *Oral Litureture of the Masai.* Nairobi East Africa Educational Publisher*:* Ltd.

Lyons, J. (1995*). Linguistic Semantics: An Introduction*. Great Britain, Cambridge University

Press.

Mammoo Badhaasaa. (2009) .*Qaacceessa qabiyyee fi unka weedduu arrabsoo durbaa sirna naqatanii fuudhuu godina wallagga lixaa aanaa Haaruu* .MA thesis AAU

Misgaanuu Gulummaa .(2011). *DILBII: Bu'uura Afoola og-barruufi af-walaloo.*Finfinnee Oromiyaa.

Murphy, M. L. (2006*). "Synonymy" In Encyclopedia of Language and Linguistics*, 2nd ed. Keith Brown &*et al*.Vol.12, 376-378. Elsevier Ltd.

New Encyclopedia Britanica. (1993, vol.11)

Okopewho, I. (1992). *Africa Oral Literature: Backgrounda, Characterstic and Continuity*. Bloomington and Indian University press.

Olaanii Fayyisaa. (2009).*Xinxala unkaa fi qabiyyee faaruu naqatanii fuudhuu godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Jardagaa jaartee*. MAthesis AAU

O'Grady,W.andDobrovolsky,M.(1996).*Contemporary Linguistics Analysis, An Introduction. 3rd(Edit.*).Tronto:Copp Clark LTD)

Palmer,F.R.(1976).*Semantics:Anew outline*. London:Cambridge University Press.

Perrine, laurence, and Thomas R. ARP.( 1992*). Sound and Sense:An Introduction to Poetry*. 8thed , Southern Methodist University

Richard B.(1992). *Folklore cultural performances, and popular Entertainments*. New York: Oxford University press.

Radford ,et al. (1999). *Linguistics:Introduction*. Cambridge :Cambridge unversity press

Rad ford Andrew,Martine Atkinson,David Britian ,Harald Clahson and Andrew Spencer. (2009). *Linguistic. Introduction* : 2nd ed. Combridge university press

Saeed,J.(2003). *Oxford*: *Semantics (2nd ed).* Blackwell Publisher.

Saahiluu Kidaanee. (1996). *Borna Oromo Prose Narratives: A contextual study*. MA thesis. School of Graduate studies. Addis Abeba.

Seefuu Gaaddisaa. (2008).*Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo.* Waraqaa qorannoo MA.Kan hin maxxanfamne.

Sumner, C. (1997). *Oromo Wisdom Literature. Volume II Songs, collection and Analysis.* Guddinaa Tumsaa Foundation. Addis Abeba.

Yule, G. (1996). *The Study of Language (2nd ed).* London, Cambridge University Press.

ዘርሁንአስፋሁ. (1992).*የስነጽሑፍመስረታዊያን,* አ.አ.ያልታተመ::

## Dabalee

### 1. Gaaffilee qorannoo

*Yuunversiitii Jimmaa*

*Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu*

***A: Afgaaffii***

Naannoo Oromiyaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti xiinxala unkaa fi hiika sirba arrabsoo yeroo cidhaa ilaalchisee afgaaffii dhiyaateedha.

Seensa

Afgaaffiin kun kan qophaa'e gosoota weedduu arrabsoo weeddifaman, hiika isaani fi unkaa qaban qorachuuf kan dhiyaatedha .Kabajamtoota ragaa kennitoota kiyyaa gaaffilee bifa afaaniin dhiyaate kana deebisuuf eeyyamamoo taatanii naaf argamuu keessaniif galanni koo guddaadha. Haaluma kanaan qorannoon kun kan dhiyaatu itti guuta digirii lammaaffaaf ta'ee, akkasumas immoo ragaa gaarii ta'ee aadaa Oromoo keessaa tokko kan ta'e sirba arrabsoo yeroo cidhaa jedhamuu xiinxaluun dhalootaaf akka darbu gochuu fidha.Walumaagalatti isinis akkaataa dhumma gaafatamtaniin bilisa ta'uun waan beektan irratti hundaa'uun deebii anaaf kennitu jedheen abdadha. Galatoomaa.

*Kutaa 1 OdeeffannooDimshaashaa*

1.1 Maqa____________Saala____ Umurii____

1.2 Sadarkaa Barnootaa_______

1.3 Ganda_______Gooxii_______Garee______Lakk.Bil.__________

1.4 Hojii__________

*Kutaa 2 OdeeffannooQorannichaa*

Gaaffilee armaan gadii irratti afaaniin deebii kennaa

1. Walaloo weedduu arrabsoo cidhaa beektan natti himaa?
2. Walaloon sirba kanaa garaagarummaa ni qabaa?

### *B Raga sakatta'uu*

Raga sakatta'uuf qabxii xiyyeeffannoo tarreeffaman ni jiru

1. Ragaa ykn qorannoon ilaalu kana keessa walaloon sirba arrabsoo jiraa ?
2. Waraabbii sagalee ani ilaaluu barbaadu kun qorannicha kan ilaallatudhaa?
3. Barruuleen kun kan sirba arrabsoo of keessaa qabanidhaa ?

## 2. Maqaa Raga Kennitootaa

Gabatee 1.Maqaa Od-himtoota Afgaaffii Agarsiisu

| Lak. | koodii | Maqaa | Korniya | Umrii | Aanaa | Gahee | Sadarkabarnoota | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | CB | Caalchisaa Barsiisaa | Dhi | 40 | j/Ganati | Hojjetaa | Digirii | 14/9/12 |
| 2 | QM | Qixxummaa Mararaa | Dhi | 35 | J /Ganat | Qotee bulaa | 5 | 14/9/12 |
| 3 | LJ | Lammeessaa Jaarraa | Dhi | 50 | Guduru | Qotee bulaa | | 15/9/12 |
| 4 | AK | Amanuu katama | Dhi | 40 | Guduru | Qotee bulaa | | 20/9/12 |
| 5 | TM | Taarikuu Maaruu | Dhi | 50 | Horro | Qotee bulaa | 3 | 21/9/12 |
| 6 | DM | Deesistuu mullataa | Dub | 67 | J /ganat | Qotee bulaa | | 30/9/12 |
| 7 | TM | Tolashee Mandiidaa | Dub | 70 | J /rare | Qotee bulaa | 6 | 5/10/12 |
| 8 | SHR | Shibbiruu Raggasaa | Dhi | 40 | J / R | Qotee bulaa | | 17/9/2012 |
| 9 | SB | Siccaalee Bayyana | Dub | 41 | Guduru | Qotee bulaa | 10 | 12/10/2012 |
| 10 | FM | Faxxanaa Dammaa | dhiira | 55 | J / G | Qotee bulaa | | 12/10/2012 |
| 11 | XN | Xaasoo Name | Dhi | 45 | Horro | B /sa | M A | 30/9/2012 |
| 12 | BDh | Badhaasaa Dhuguma | Dhi | 42 | Horro | B /sa | M A | 30/9/2012 |
| 13 | TDh | Tasfaye Dhaabasaa | Dhi | 60 | J / R | Qotee bulaa | | 17/9/2012 |
| 14 | BA | Biraanuu Asfawu | Dhi | 47 | Horro | B/saa | Digrii | 30/9/2012 |
| 15 | IX | Ittafaa Xiyyaa | Dhi | 46 | J / G | Qotee bulaa | 2 | 12/10/2012 |
| 16 | CS | Caaltuu Soorii | Dub | 58 | J / R | Qotee bulaa | | 17/9/2012 |

## Ragaalee sakatta'aman

| Koodii | Raga dubbisame |
|---|---|
| 001 | Waraabbii sirba arrabsoo Jimaa Galataa |
| 002 | Qorannoo Olaanii digrii lammaffaa aanaa Jaardagaa Jaartee bara 2009 qophaa'e |
| 003 | Barruulee Waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Jimmaa Gannatiin bara 2011 qophaa'e. |

## 3. Sirba Arrabsoo Cidhaa

### A

Manni warrakoo irri qorqoorroo Jalli boqqolloo
Manni warra kee irri sooyyoma Jalli foon namaa
Kun hodhaa miti faranjiitu erbe
Kun soddaa miti dagaamiitu erge
Akkuuyyee akkuuyyee araddaa kuullee
Faayaan ergite tokkollee hinguunne
Abaaboo jaree hamaamonni kee
Handaaqqoofi saree

Dhugduu calalii Fudhuu cala"ii
Kan gamaa as deemu
Gonfaadha seenaan
Biduu jimmaati
Isheen gurra kee
Kolbaadha seenaan
Cittuu lilmooti.

Ati hoo kokobee kopheetu si sobe
Ati hoo diqaalaa natoo si caala
Kootiin ergisaa surreen ergisaa
Balbala hingeessu kan qullaa teessu
Haroo tujubaa jajjaba leensaa
Atoo suutuma kan jajan eessa?
Iji ballaadha lukti jallaadha
Tafkii okkoltuu hundumaa hintoltu.
Kabeelaa buttee maal fuudhaa dhufte.
Obboleessi koo gingilchaa bitee na dowwachiisa
Obboleessi kee bisingaa lixee sigobsiisa

Gamatti ilaalee wayyeessaan se'e
Fuula kee ilaaleen jaldeessan se'e

**B**

Kun ilka hintaatuu kokorsituudha
Kun dhirsa hintaatu qancarsistuudha.
Yaa gundoo golboo maxxana geenshee
Yaa guddoo horfoo maattiina geese?
Irra ishee ilaallaan shurrubbaan dasa
Jala ishee ilaallaan durbummaan tasa.
Hodhitee hinkeessu, kosiitti gatta
Deessee hinguddiftu bultee gatatta
Harreen dabarte galabaa isheetti
Deessee gatatte mana abbaa isheetti
Hodhituu qabee mutaan dacha'e
Kennituu qarree offaan tarsa'e
Yoo irraan gadee baala goommanaa
Yaa jalaan oofee qaawwa sooyyomaa
Mana keenya illee boojjitoon lama
Seqqootiin sadii
Mana keessan ejjituun lama
Harmee keen sadii.
Geesseyaabadanaa
Eessanwalagarree
Walmararsiifanna
Hiriyyeekoohadaraa
Yaa gumbidheeranmiissira
Meegadikoottuyaaayyolee koo
Dubbichaseenaansittihimawo
Yoohafteseenaansiibirahoo
Iddociisakoo
Gumbidhaabbadha
Nyaatairbaatakoo
Dilbiikaawwadha.

C

Wayiluu koo walilaalla harra yoona

Komboshittigoggogdittii

Walilaallahar'ayoona.

AsuudittiindhufaajirtiWalilaallahar'ayoona

Elaayaa gurbaa

HoriinSii hinhoriin

Andaqqoo  malee

Andaqqoon foonii

Foontu foon baataa

Warri kee loonii

Loontu loon yaasaa

Baalasokokee

Eessadhaqxasoddee

Naafagotattee

Cabiakkasooyyamaxobbee

Har'ansiirasa

Dhamansii baasa

Rimaagaraakee

Ulfaji'alamaa

Har'andayyaasa

Dhiirrihinulfaa'u

Siifhaamilkaa'u

Reettingammoojjii

Areedayaaftee

Areedabaaqqee

Niitiikeedurii

Sareeattamgootee

Wareegalaattee?

Wareegahinlaatne

Bareednannyaattee

**E**

Balbaleebalbalaindaanqoo

Anihinkennubalbalaabbaakoo

Siihaatufubalballiabbaakoo

Agadaaisheehundeecidii

Soddeekooisheemunneecinii

Baalabaddeessaadogoggomaawoo

Maalittibeektayaatortoraawoo

Gatiibalbalasoddomaawoo

Uleeharbuubeenuudarbi

Soddeedhallikeegadihaadarbu

Anaafooanaananwallaalinii

Nyaadhufoonnamaahinawwaalinii

Foonnamaahirmii

Sii haanyaaturirmi

Kololyaahiddii

Kangoodaabuutu

Buutilleehinseenee

Ajabyaagiddi yaaseerasoda

Kankunnufuutu

Nufuutihinseene

Nufuudhuudhiisii

Yaaddilleehinseene

Aannandaalachoo

Areerrattamoo

Sii areeranii

Soddoomaabbee

Wareeggattemoo

Siiwareeganii?

D

Kanaraatiirraa

Foonindaaqqotii

Yoonsii sodaadhe

Foonabbaakootii

DhiifteeGalte

Yaa FuutuEenyu

AbbaanGundooFuutu

OraatiinGadJetti

AmaatiinMaaljettii

Sayyuun ililjetti

GurraDhiiraa

Gundoobooreedhiiftee

Dhiifteegaltamooree?

Gundoodurbihodhite

Dhiiridhiseegala mooree

Kana keessa miinuu hin jiru qabee malee

Kana keessoo dhiirruu hin jiru saree malee

Ya gurbichoo gurra cittoo dhiiftee galtamooree

Nama beeraa ya kabeelaa

Dugugguruu yaa lafee hoolaa

Si gurguruu yaa roggee ilmoomaa

Si gurguruu namararee tan marsee boowa.

Hurrishe woo harran baatu booree dhawo

Warri keenyawo gaagura buusu damma nyaachufoo

Warri keessanoo guuyyuma yuusuu nama nyaachuufoo

Balabalee balbala abbakoo

Intaloo yaa dhala gaangoo hin kennuu balbala abba koo

Balbale kee yaa abbayye

Baalagee fuute

**E**

Baala illee hin buune

Baalalle hin haruu

Baalageef safuu

Wayiluukoo walilaalla har'umooyyu

Qeensa miillakee walilaalla har'umooyyu

Kan har'a sooftuu walilaalla har'umooyyu

Maahin qoratiinii walilaalla har'umooyyu

Dhakaa falaxxee walilaalla har'umooyyu

Shawaa nagaddee walilaalla har'umooyyu

Qobboo falaxxee walilaalla har'umooyyu

Baakkoo nagaddee walilaalla har'umooyyu

Maa hin horatiinoo walilaalla har'umooyyu

Kan har'a boossuu wal ilaalla har'umooyyu

Kaleessa yoonoo walilaalla har'umooyyu

Kosiirra areeddaa walilaalla har'umooyyu

Har'a yoonammoo walilaalla har'umooyyu

Kofiin nu reebdaa walilaalla har'umooyyu

Yagurbaa miinjee walilaalla har'umooyyu

Yoo ati naatee walilaalla har'umooyyu

Natu sinyaatee walilaalla har'umooyyu

Saanike tiiraa walilaalla har'umooyyu

Tiiramoo tiiraa walilaalla har'umooyyu

Ya abbuleekoo walilaalla har'umooyyu

**F**

Daaleenke dhiiraa walilaalla har'umooyyu

Dhiiramoo dhiiraa walilaalla har'umooyyu

Harka hin laatiinii walilaalla har'umooyyu

Ija hin laafiinii walilaalla har'umooyyu jedhu.

Miilla kee kana dhiqaa isaas miti

Dibasaas miti
Makalakayisaa
Muka kaayyessa
Gurrachan jibba
Tooshisaa dhibaa

Asiin olkarra
Takkaan siqaala
Yoo moori hamaate
Siin dooraa nyaate

Ichilbeen hiddaa sabaan hin moortuu
Siitti himnaan diddaa yaaban hin koortuu
Gurbaa bareedaa si yaa kennanii
Warri keessanii
Wareega abbaa soddaan dur karraa
Jibichaan dhaqee goromsaan gala
Inni ammaa farra

Himimsaa dhaqee hobobsaa gala
Yaadaakuu garbuu natti hin addaannee
Siif daakee kennuun natti hin fakkaanne
Siif toshee kennuun natti hin fakkaanne
Gorduuba seentee yemmuu dirsiifte
Borduuda seetee jinjibilaaree

**G**

Sii biqilaaree

Bor asheetaaree

Sii jirbuu shooshee

Baala cilaatti

Isa hagdu gootee maal na ilaaltii

Yaafuutuu  eenyu abbaan gundoo fuutuu

Ya gurbichoo  ya garbichoo dhiiftee galtamooree

Nama beeraa yaa kabeelaa dhiiftee galtamooree

Gundoo dhiigaa gurroo dhiiraa dhiiftee galtamooree

Ya fuutuu eenyu abbaan dhuftee fuutuu

Gundoo booree eenyu abbaan dhuftee fuutuu

Gundoo addooyyee eenyu abbaan dhuftee fuutuu

Baddaa horroo saani hijiruu fardeen malee

Kana keessoo dhiirri hin jiruu nadheen malee

Eenyu abbaan dhuftee fuutu.

Hojjaa dheeratta akka baddeessaa

Garaa guddata akka jaldeessaa

Gabaabduu dinkii arrabduu distii

Daaraan margaaree facaasii ilaali

Ballaan kee argaaree haqaaqii ilaali

Karaa ciisakee falaxaa naqii

Daaraa daaritti karaa jaamaa kee

Hallayyaa dhaqii tamaattamiiti

Yoo fiddee dhuftee hortuu siin jennaa

Hortuu afaan bunaa yoo dhiiftee dhufte

Ontuu siin jennaa ontuu gaaguraa

Kan gama deemuu arbamoo doora

Inni garaa kee ulfamoo cooma

Yaa ulfaa ba’ii yaa coomaa baqii

Ulfa ji’a torbaa wajjiin siif boonyaa

**H**

Ulfa ji'a shanii wajjin midhanii

Warri keenyaahoo

Gaagura buusuu

Damma nyaachuufoo

Wayyoo yaa Gaaddisee

Warri keessanoo

Guyyuma yuusuu

Nama nyaachuufoo

Ya hiddiihoo baalashee

Ya Gaaddiseehoo baalagee

Mukarbaa dooluu

Ya baala hancootee

Wayyoo Gaaddisee

Sitti horfaa ooluu

Ya galamootee

Yaa Harree teepha baadhu

teepha baadhu

Arreeddee hin gugatiin

Ya Intaloo suuta nyaadhu

Marammartee hin ludatiin

Hawaareyoo hamaamoteen dhuftee

Hawaareyoo karaa kam dhuftee

Hawaareyoo karaa harbichaa

Hawaareyoo maal fiddee dhuftee

Hawaareyoo hambaa garbichaa

Ji'a naasee sila taatee intaloo suutuma deemi

Wallee bituu hindeebituu intaloo suutuma deemi

Maal maal jettee boossi isheenoo

Ani maalan godhee miinjeekoo too godhee

**I**

Karaa kooraa jalaa moccoree moccoree Jettee boossi isheenoo
Maal maal jettee boossi isheenoo
Huubboo baadheen kufee
Gombisaa saararraan
Suubboof laadheen dhufee
Boo’ee namararaan Jettee boossi isheenoo

Yoo lookoo marte lookoo abbaa fardaa
Yoo ookoo barte ookoo abbaa warraa
Yoo Qal’aa furdistee xinnaa guddistee
Sayyuu siin jenna sayyuu ishee guddoo sitti marmaarra
Yoo kana dhiiste faalloo siin jenna faalloo ishee cabduu sitti waraabna

Shakshakaa buqqee hofcii shaakittaa
Heerume seetee saksakaa dhuftee aayyoof daakittaa
Siiqqeeke qulbaa maaldhadhaabbattatoo
Yagurbaa miinjee
miinjeenke ulfaa
Maal sassaalfata atoo.

Ulee lookoo hin laadhu balbala obbookoo
Ulee lookoo hin laadhu balbala obbookoo
Uraa gindii jalaa uramtittii kanaaf hin laadhu balbala obbookoo
Uraa gindii baachuu uramtittii laattuuf hin laadhu balbala obbookoo

Ya harbuu birraa ya harcaatittii
Wal-arguuf jirra ya mancaatittii
Manceeko baga ishee sireen lagaa
Akaayii qorii qorii fal’aanaa
Akaakuu tolii horiin ayyaana.

Handoodee randaa ya handoodittii
Ya Dassaalee wayyoo
Diqqii aayyooke machootee raftaa
Ya machooftittii

J


Roobee caameeraa hin aramsiisuu
Fuudhee baaseera hin amansiisu
Arreedee dhufee jabbii siif qabaa
Sigashiin siinoo arbisiisabaa
Siisabaan dheessaa beenu sin geessaa biyya bineensaa
Ulee ulmaayii naaf murti seete hin qabatiinoo
Hintalli abbaako afaan haadhakee fi tosha aayyooketti
Intalli leencaa naaf bulti seetee hin dhama'iinoo
Yadheeraa jigaa kajeellaaf siqaa
Yadheeraa shirrii yaleebaa birrii
Yahoomii gaaraa illikkeehoo
Maaf boossa haadhoo iyyiteehoo
Simeen sifuudha ililcheehoo .
Ya ulee reejjii
Soddaako iyyeettii
Nan dhufa beekii
Sirran garmaamaa
Nan duula jettaa
Akkamiin duultaa
Harargee jiruu
Naannessa diillaa
Nan fuudha jettaa
Akkamiin fuutaa
Haraqee jiruu
Malakkee jiruu
Raatessaa dhiiraa
Attamiin fuutaa
Kan har'a boossuu wal ilaalla har'umooyyu
Kaleessa yoonoo wal ilaalla har'umooyyu
Kosiirra arreeddaa wal ilaalla har'umooyyu

**K**

Ya gurbaa miinjee wal ilaalla har'umooyyu
Yoo ati naatee wal ilaalla har'umooyyu
Natu sinyaatee wal ilaalla har'umooyyu
Saanike tiiraa wal ilaalla har'umooyyu
Tiiramoo tiiraa wal ilaalla har'umooyyu
Ya abbuleekoo wal ilaalla har'umooyyu
Dhaleenke dhiiraa wal ilaalla har'umooyyu
Dhiiramoo dhiiraa wal ilaalla har'umooyyu
Harka hin laatiinii wal ilaalla har'umooyyu
Ija hin laafiinoo wal ilaalla har'umooyyu
Ya jabbi dhootuu wal ilaalla har'umooyyu
Ya cagginooftuu wal ilaalla har'umooyyu
Ya jaarsa gadaa wal ilaalla har'umooyyu
Dhaabatee hagaa wal ilaalla har'umooyyu
Taa'ee fincaa'aa wal ilaalla har'umooyyu
Faaruu Hansoosillee
Hansoossillee wareen deebitee
Hansoossillee wareen deebisee
Halaltuun hin gogdee isheen laga keessaa
Hamattuun hin sobdee isheen buna keessaa
Halangaa diriiraa
Gaaddisee akka dhiiraatu
Wareen deebisee
Xaafii baddaa
Sanyii gamnaatu
Wareen deebisee
Xaafii goodaa
Sanyii gootaatu
Wareen deebitee

Kaartaa waligalaa godinichaa dabalataan

# KAARTAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA




**Fak. Kaartaa Teessuma fi Aanaalee Godina Horroo Guduruu Wallaggaa**

Madda : Toora interneetii ‘***WWW.researchgate.net’*** jedhu.

# HIDDA LATIINSA OROMOO GODINA HORROO GUDURUU

Macca

## Macca

## Jaawwii

| Amuru | Horroo | Jimmaa | Guduruu |
|---|---|---|---|
| *Haleeluu* | *Gutaa* | *Abboonnoo* | *Maloolee* |
| *Beeraa* | *Abbodee* | *Galoo* | *looyyaa* |
| *Sooddo* | *Abbilee* | *Gombi* | *Hamilee* |
| | *Abee* | *Hariiroo* | *Sirbaa* |
| *Abbayyii* | | *lukkuu* | |
| | *Gudayyaa* | | *Illaammuu* |
| | *Ashaayyaa* | | *Handarsaa* |
| *Fooqaa* | | | |
| | *Gabar* | | |
| | *Akkaakoo* | | |
| | *Birbirsoo* | | |
| | *Daaddoo* | | |
| *Obarraa* | | | |

Fakki. Hidda Latiinsa Oromoo Godina Ho

Fakki. Hidda Latiinsa Oromoo Godina Ho/Gu/

**Madda**. Kitaaba ‘ ***Seenaa Uummata Oromoo Hanga jaarraa 16**^ffaa^*’jedhu.